Maaloo

KIRISTAANOTI DHUGAAN

Hin Kaatanii?

First Published in English 1998 by
Barratt Ministries Publications
Manchester M14 5QH, UK.
www.barrattministries.org.uk

Kan hiike: Gammachuu Raggaasaa

MAALOO
KIRISTAANOTI DHUGAAN
HIN KAATANII?

Barreessaan: Mawuruuqee Baaraat

BAAFATA

Seensa.....7

Kutaa 1: Waamicha

1. Of waamuu.....13
2. Gurra koo Uri.....19
3. Waamamuu Phexiroos.....29

Kutaa 2: Gatii/Aarsaa

4. Qajeeltoowwan.....43
5. Of Ganuu.....49
6. Fannoo ofii Baachuu.....59
7. Na Duukaa Bu'i.....71
8. Musee.....77
9. Daani'el.....81
10. Yesuus.....85

Kutaa 3: Furtuu

11. Akeeka Waaqayyoo.....91
12. Adeemsa Waaqayyoo.....99
13. Amala Waaqayyoo.....107
14. Namummaa/Amala Lameen.....113
15. Hundumaa Yaada tokkotti.....119
16. Bu'aa fi Sababa.....129

Seensa

Yesuus waggoota sadiif yeroo tajaajilaa turetti namootni kumaatama hedduun isa duukaa bu'aa turan. Inni garuu namoota isa duukaa turan kanatti hin gammadne. Duuka buutuu/Bartuu- isa irraa waa'ee dhoksaa mootummaa Waaqayyoo fakkeenyaan baratan barbaadaa ture. Mootummaan Waaqayyoo kunis ijaan kan argamu osoo hin taane, keessoo garaa/ laphee namootaatti kan argamu akka ta'e Yesuus ibseera.

Yesuus namootni akka isa duukaa bu'aniif yeroo waamaa tureetti, aarsaa isa duukaa bu'uun gaafatu (of ganuu, fannoo ofii baachuu) sirriitti akka beekan hubachiisaa ture. Bartootni warri addatti Yesuusi wajjin turan, aarsaa isa duukaa bu'uun gaafatu akka gaaritti waan hubataniif waan hundumaa dhiisuun isa duukaa bu'an. Hoj.Erg 6 irraa akka ilaallutti, namootni kun lallaba isaaniitin warra biyya raasan turan. Gocha kanas ergamootatu ittiin of jajuuf dubbate miti, warra isaaniin mormantu dhugaa ba'eefii dubbate.

Biyyootni Lixaa Waldoota afaan haaraa dubbatan miliyoonotaan lakka'aman qabu. Waldootni kun humna Waaqayyoo ergamoota warra jalqabaa wajjin ture nutis qabna ofiin jedhu. Garuu namootni kun jireenya hafuuraa keessaa ba'aa dhufuun gara jireenya hafuuraatti of deebisuu dadhabaaniiru.

Waldaan Kiristaanaa ari'atama keessa turuun ishee waan rakkoo qabu natti hin fakkaatu. Waladaan Kiristaanaa ifa Waaqayyooti. Biyyi lafaa immoo duukkana-kanaafuu waldaa fi biyyi lafaa karaa hundumaan waliin mormu. Haata'u malee, waldaan Kiristaanaa sirna biyya lafaa keessa seenuun eebbaaf taatee, biyya lafaatti of mul'isuu qabdi. Umurii waggaa 7 irraa jalqabee Kiristaana-pheenxee ta'uun wagaaa 40'f barumsa 'Johan Nelson Parr' waa'ee badhaadhumma fi mootummaa Waaqayyoo dhaga'aan guddadhe. Dho'iinsa Pheexeqostaluummaa waggaa 90 booddee garuu, Hawaasni keenya ulfa baasuu, saal quunnamtii saal-tokee, waaqa tolfamaa waaqessuu, araada, pornoogiraafii k.k.f seera qabeessa taassisuun dalaguu itti fufe. Mootummaanis yakkoota garaa garaa raawwatamuuf deebii kennuu hin dandeenye. Sababa taateewwan kanaaf Waaqayyo saba/biyyatti ni dheekkama/farada.

Sirriitti kiristinnaa keenya ilaaluu qabna. Kennaa Hafuura Qulqulluu qabachuun akka nama hin qulqulleessine hubachuu qabna. Ija hafuuraa(Jireenya nama waaqayyoo) qabaachuu qofatu, Jireenya isa moofaa kan Addaam dhiifnee kan Kiristoos akka qabaannuuf nu gargaara. Ija hafuuraa keenya ajjeesaa

kennaa hafuuraa keenya guddifataa turre. Diinni keenya seexanni hojii humnaa nuti jireenya malee hojjennu waan sodaatu natti hin fakkattu. Jireenya isa kan Waaqayyoo yoo qabaanne Seexanni hin danda'u. Yesuus yemmuu biyya lafaa keessa ture, Seexanni iyyuun ati ango qabeessa ittiin hin jenne. Garuu ati isa qulqulluudha jechuun iyye. Har'allee namootni kiristaanummaa dhugaa barbaadan akka jiran nan aman, garuu eessa deemuun barumsa Yesuus barsiise, kan akka barumsa gaara irraa argatuu? Biyyoota akka Chaayinaa fi Kiyubaa keessatti waldaan ari'atamaa jirti, garuu biyyoota dhiyaa keessatti ari'atamuun baayyee xiqqaadha. Kiristaanummaa dhugaan adeemsa jijjiiramaa fi mootummaa duukkanaa biyya lafaa waliin lola akka qabu sammuu kootti ifaa ta'ee natti mul'ata. Lolli kunis kan bara ilmaan namaa hundumaa akka ta'es hubadheera. Jijjiirama gama alaan fiduun, yoo siyaasa, dinagdee fi dhaabbata amantaa irratti argamsiifne, jijjiirama keessoo fiduu dadhabuun mo'amuu dandeenya. Akkuma lola Kiruusederii abboota keenya darbanii irratti ta'e nurrattis ta'uu mala. Seenaan lolli kun kan Waaqayyoo akka hin taanee fi bu'aa kan hin qabne ta'uusaa mirkaneessuun, namootni darban sun namoota Waaqayyoos akka hin taane biyya lafaatti mul'ise. Dogoggora bartootni Gooftaa waliin osoo jiraniidalagan nutis hojjenne.

Yesuus mootii ta'ee deebi'ee biyya lafaa irratti mo'uu isaan dura, bartoonni waa'ee mootummaa biyya lafaa isa argamu kana gaafatan.

Wanti keessoo keenya mo'atee jiru, alatti ba'ee akka mul'atu matumaa shakkii hin qabu. Gochi keenyas lola keessa keenyaa dhibbaa nurratti geggeessu mul'isa.

Har'as barumsa ofii keenyaa,aadaa ykn bartee keenya dhiisuun of haaressinee kallattiin barumsa Yesuus qofaa irratti yoo xiyyeeffanne hanqina keenya arguu dandeenya. Miilla Gooftaa keenyaa jala taa'ani barataniii,of haaressuun dogogggorootaa fi barumsa sobaa waggoota 2000 darban irraa walaba ba'uun,wanta Gooftaan dubbate amananii raawwachuun akkam yaada ulfina qabeessaa! Qajeelfamoota kanas kan nu barsiisuu fi haguuggii ija keenya irra jirus kan nu irraa fuudhu Gooftaa qofa.

Namootni Macaafa qulqulluu baratanii fi beektotni gurguddaan jaarrota hedduuf kan irratti hojjetan, hojjechuuf ga'umsa qabaachuu koo akkamiinan yaadaa? Ga'umsi koo inni dhugaan hariiroo dhuunfaa Waaqayyoo wajjin qabaachuudha.Waggoota kurna lamaaf barumsa Yessus barsiise qayyabachaan yoon tureyyuu, ammallee waanti na hafu akka jirun hubadha. Macaaficha beekuun barbaachisaadha, garuu barreessaa Kitaabichaa beekuun hojii isa guddaadha.

Waggoota 20'n darbaniif hariiroo dhuunfaa Waaqayyoo wajjin qabu guddifachaan ture. Barumsa macaafaa waliin sirriitti hariiroo uumuun akka rakkisaa ta'e baradheera. Barumsi macaafaa miira hin qabu. Waaqayyo garuu miira qabeesssa. Barumsi keenya(Dokteriiniin) nutti hin aaru ykn garaa nuuf hin laafu. Waaqayyo garuu akkas miti. Adda addummaan

guddaan jirus isa kana. Dhoksaan dubbii Waaqayyoo hubachuu keessa jiru Waaqayyoon hubachuu danda'uudha.

Guddinni hariiroo waanta kamii yeroo fi humna nuti hariiroo sana gabbisuuf irratti dalageessine irratti hundaa'a. Calliseema amanuu dhiisee Lallaba gaara guubbaa yemmuun shaakalu, jalqabetti, jireenyi koo jijjiiramuun hojii, maatii fi namoota naannoo koo irratti dhiibbaa uumuu jalqabe. Kitaabni kun nama sammuu banaan dubbise jireenya isaa jijjiiruun barumsa sirrii akka kennuuf nan amana. Jireenya isaa keessattis humni fannoo hojjechuun du'aa ka'uun Yesuus qabatamaan keessoo isaatti ni mul'ata.

Kutaa 1
Waamicha (The Call)

Waldaan kiristaanaa fi amantootni wantoota biyya lafaa kana keessaa humnoota aboo qaban argisiisan waliin walitti dhufeenya qabu. Goofta Hafuura Qulqulluuf galanni haata'u karaa lallaba wangeelaatiin humnootni kun waldaa kiristaanf bitamaniiru.Humnoota kanas hojii wangeelaaf itti gargaaramuu ni dandeeny. Haaluma kanaan qabeenyaa fi taayitaalee garaa garaatti Waldaan dhimma baati. Garuu waanti ta'aa jiru faallaadha. Waldaa fi ergamni ishee sarbamuun bifa jijjiirrateera. Aangoon waldaa kiristaanas faalameera. Yessus mootummaan koo kan biyya lafaa kanaa miti yemmuu jedhe, sirriitti waata ibsee dubbateef qaba. Mootummaa biyya lafaa kana kan geggeessan kiristaanota yoo ta'an illee, isa kanatti iddoo kennee hin dubbanne Yesuus. Mootummaa isa caalu karaa Hafuura qulqulluu akka eeggannu dubbate.

Jaakiyes Eluul
Jacques Ellul

BOQONNAA 1

Of waamuu

Duuka buutummaa ilaalchisee waanti ani dursee ifoomsuu barbaadu, of waamnee duuka buutuu of gochuu hin dandeenyu. Fedha keenyaan Yesuusin duukaa bu'uu ni dandeenya, garuu ofiin of waamuuf aboo hin qabn. Duuka buutummaan 'yaada gaarii' nuti ofiin uumnu miti.

Akkasumas wanta waldaan shaakalan argamsiistu miti. Seenaan qabatamaan akka ibsutti waldaan seeraa fi naamusa ofii baafatteen duuka buutuu horachuu yemmuu yaaltu hojii faallessu ta'ee argameera. Fariisonni bara Yesuus naamusa fi seera isaanii hordofan haala kanaaf fakkeenya gaarii nuuf ta'u. Yesuus garuu akkas jedhe, seera isaanii eeguutti mudaa hin qaban, garuu keessi isaanii hammeenyaa fi xuraa'ummaan kan guutee fi warra ofin argineedha. Waaqayyo dursa keessa keenya jijjiiruu irratti hojjeta malee ala keenya miti. Duuka buutuu dhugaan seerota fi danbii alaan mul'ataniin

walaba malee ofii isaa hin daangessu. Phaawulos 1 Qoronxoos 6:12 waanti hundinuu dhowwaa hin qabu... akkasumas Tiitoo 1:15 warra qullaa'aniif waanti hundinuu qullaa'aadha, Kun birmadummaa dhugaadha. Garuu keessa keenyaanis ta'uu qaba.

Mee namoota isa duukaa bu'uu barbaadaniif, Yesuus akkamitti akka deebii deebiseef haa ilaallu. Namoota kanneen Yesuus hin barbaanne, of duukaa deebisuuf jettanii yaaduu dandeessu. Garuu yaadi isaa maal akka ta'e caqasa kana irraa sirriitti arguu dandeenya. Luqas 9:57 irraa, utuu isaan karaa irra adeemaa jiranii, namini tokko, "iddoo kam illee yoo dhaqxe si duukaan bu'a" jedhe. Duubbiin namicha kanaa eessatti rakkoo qabaa? Akka natti fakkaatutti, Yesuus eessa akka deemaa jiru osoo adda hin baafatin waan gaafateedha.

Bartootni warri kudha lamaa iyyuu waan adda baafatan miti. Yesuus warra Roomaatin fannifamuun du'a nama cubbamaa akka du'u hin hubanne turan. Namootni tokko tokko, waamicha malee yessus eessa akka deemu osoo hin hubatin kan isa duukaa bu'an jiru. Kun wallaalummaadha. Namni akkasii Yesuusin duukaa bu'uun aarsaa hin qabu ykn aarsaa xiqqoo waan gaafatuuf nan danda'a jedhee fudhateera. Ifaadhumatti, of gowwoomseera.

Wanti jijjiirame hin jiru

Haalichi kiristaanota bara ammaa kana waliin yemmuu ilaallu tokkuma, ani gama koon gowwoomuu

kiristaanotaa kanaaf waldaan qeeqamuu qabdin jedha. Waldaan miseensa kootu naduraa harca'a jettee sodaachuun, dhiibbaa itti dhufu callistee ilaaluun duuka buutota sobaa oomishaa jirti.

Gaaffii bartootni isa gaafataniif deebiin Yesuus deebise maal turee? Wangoonni boolla qabu, simbirroonnis mandhee qabu; ilmi namaa garuu iddoo mataa isaa itti hirkifatu hin qabu. Yessus kan ofii kooti jedhee kan waamu, mana, uffata fi nyaata illee nama isaaf kennu kan abdatu hin qabu ture. Garuu danuuf argamsiisaa ture. Wangoonnii fi simbirroonni mana ofii isaanii ijaarratu. Mana ijaarrachuun gaa'ela dhaabbatanii maatii horuufi. Waanti fagootti ilaalamu kanaa ol gatii guddaa nama gaafata. Kutaa macaafa Luqas keessaa, gaaffii namoota kan biroo lama Yesuusin duukaa bu'uuf isa gaafatanii argina. Garuu bakka lamaanittuu deebii Yesuus deebise walfakkaata. Namootni sadeen kun duuka buutuu isaa akka ta'an macaafa kana keessaa hin arginu. Akkuma dargaggeessa sooressa sanaa gaddaa duuba deebi'an jedheen sodaadha. Yesuus namoota kanatti garaa jabaateeraa? Lakkii fallaa isaa, baayyee garaa laafeef kufaatii fi burjaaja'uu keessaa isaan baasuuf dhama'eera. Mee dubbii ajaa'ibaa Yessus Luqas 14:26. Irratti dubbate haa ilaallu

"Namni gara koo dhufu, abbaa isaatii fi haadha isaa, haadha manaa isaa fi ijoollee isaa, obboleessa isaa fi obboleettota isaa, ofii isaas ana caalaatti kan jaallatu bartuu koo ta'uu hin danda'u." Dubbii kana Yesuus

tuuta sonaan dinqii arganii salphaa itti fakkaannaan isa dukaa bu'uu barbaadaniin jedhe.

Yeroo itti yaaduu qabnuudha

Dubbii Yesuus dubbate akkamu akkuma inni dubbatetti fudhanneerra yoo ta'e, aarsaa duuka buutummaan gaafata guddaadha, kan akka salphaatti utuu itti hin yaadin ariitin murteessinu miti. Yoo filannoon haadha/abbaa keenya fi Yesuusin irratti nuuf dhiyaate, Kiristoosin akka filachuu qabnu nutti dubbate. Waan kamiinuu haadha warraa, hojii, tajaajila, qabeenya ykn jireenya keenya yoo Yesuusin walbira qabamee filannoof nuuf dhiyaate, Kiristoosin ta'uu qaba filannoon keenya. Nama filannoo isaa Kiristoosin godhate, akkuma Kiristoos himatamuu fi jibbamuun akka isa irra ga'u mul'ataadha. Wantoota kana Yessus sirriitti barsiiseera, kana osoo hin hubatin eenyu iyyuu isa duukaa bu'ee akka hin gufanneef. Dadhabina keenyaaf yoo kufne garuu inni kun waan biraadha,

Fakkeenya Yessus dubbate

Fakkeenya lameen Yesuus dubbatu sirriitti dubbisi, nama mana ijaaruu fi mootii mootii kan biroon wal loluuf qophaa'uun wal fakkeessee, namni isa duukaa bu'uu barbaade dursee aarsaa isa gaafatu akka tilmaamu barsiise.

Luqas 14:28-32 — Isin keessaa namni mana dhagaa ijaaruu barbaadu, duraan dursee horii ittiin

mana kana ijaaree raawwatu qaba yoo ta'eef, taa'ee kan hin shallagne eenyu? Kanaa achi hundee isaa kaa'eeijaarsa manichaa yoo raawwachuu dadhabe, kan kana argan hundinuu itti in ga'isu.

Yookis mootii kam mootii kan biraa wajjin kan walitti duulu, isa loltuu kuma digdamaan itti dhufu kanas loltuu kuma kudhaniin ittiin qabuu danda'a yoo ta'eef, duraan dursee taa'ee kan hin mari'anne? Hin danda'u yoo ta'e garuu, mooticha isa loluudhaaf ka'e sun fagoo utuu jiruu namoota isatti ergee nagaa buusuuf in kadhata.

Yesuus kana caalaa isa duukaa bu'uun maal akka ta'e ibsuuf waan isa barbaachisu miti. Namootni isa duukaa bu'uu fedhan akka hubachuu dandaa'aniif kana caalaa akkamiin ibsaa? Jechootaa fi dubbii gara laafinaatiin isaan ofeeggachiiseera. Xumura irratt Yesuus irra deebi'ee, luqqisa 33..."eenyu illee isin keessaa qabeenya isaa hundumaa kan gadi hin dhiifne bartuu koo ta'uu hin danda'u" jedhe

Tajaajiltoota waldaan isaan irraanfattee itti duukkanaa'ee fi itti hadhaa'e hedduun walargeera. Baay'een isaanii kan isaan itti aaranii komatan Waaqayyoon miti. Waldaa fi bulchiinsa ishee komatu. Namoota kanatti aarsaan akkamii akka isaan eeggatu itti hin himamne. Gatiin kee Qaraaniyoo guubbaatti siif xumurameeraa qofa dhaga'an. Gatiin Yesuus fannoo irratti nuuf kaffale kan cubbuu keenyaati. Nuti isa kana irratti homaa ofiif gochuu hin dandeenyu. Garuu aarsaan kiristaanota irraa eegamu jira, inns gatii duuka buutummaan nurraa gaafatuudha.

BOQONNAA 2

Gurra koo Uri

Akkan amanutti duuka buutuu ta'uun waamicha dhuunfaa Yesuus waamu irratti hundaa'uun gatii inni baassisuu fi bu'aa isaa adda baafachuun isa duukaa bu'uuf murteessuudha. Murteen kunis miiraan osoo hin taane dhugaa qabatamaa hubachuun kan ta'uu qabuudha. Kun ammo yeroo nuti jalqaba Gooftaatti amanne irraa kaasee jireenya keenya irratii mul'achaa hin ture. Haallii kun immoo osoo daa'imni guddatee ga'aa hin ta'in hojiif qacaramuu isaa eeguun walfakkaata. Battalumatti duuka buutu ta'uun hin dandaa'amu. Duuka buutummaan adeemsa qaba. Battaluma amannetti duuka buutummaa jalqabuun ni dandaa'ama. Garuu kun duuka buutuu nun jechisiisu.

Filannoo ulfaataa

Sabni Esraa'el geggeessummaa Museetiin biyya Gibxii ba'uuf carraa yemmuu argatan isaanitti hin

ulfaanne. Waggaa dhibba afur garbummaatti erga jiraatanii booddee birmadummaa filachuun isaan hin rakkisne. Ariitiin biyyichaa ba'uuf in dheebotan ykn in gammadan. Mureteeffachuun kan isaanitti ulfaate biyya kakuutti galuu irratti.

Sabni Esraa'el biyya Gibxii yemmuu ba'an biyya aannanii fi dammaa dhaaluu abdataniiti. Waaqayyotu isaan abdachiise malee yaada isaaniitin miti. Garuu Waaqayyo osoo Gibxii isaan hin basin biyyi isaan dhaalan, namoota jajjaboon akka qabamee jiruu fi lolanii kan isaanii akka godhatan isaanitti hin himne.

Dallaan madarattii samiittii ol ijaaramee jira. Kanaafuu Diinonnni isaanii nu balleessu jedhanii Esraa'eloonni ni sodaatan.

Kufaatii Israa'elootaa

Kufaatiin isaanii diinota isaani warra jajjaboon yemmuu walitti ba'aan ture. Phawuloos xalayaa isaa Ibirootaataaf barreesse keessatti sababa amanuu dadhabaniif Waaqayyoon hin dhageenye jedha. Kun ajaayiba jennamoo sodaachisaadha jennaa? Waaqayyo yeroo qalbii jijjiirrannaa illee isaaniif hin kennine. Lafa onaa keessatti akka du'an itti hime; hinuma du'anis. Kanaa jechuun yoo nuti abboomamuu dhiisne yaadi Waaqayyoo karaatti hafaa? Waawuu; nutu karaatti hafa. Yaadi Waaqayyoo yoomiyyuu osoo galma hin ga'in hin hafu. Waaqayy yaada isaa galmaan ga'uuf nama biroo kaafata.

Ifaadhumatti, sababii abboomamuu diduu isaaniitif Waaqayyo waadaa isaa addaan kuteera. Waaqayyo akkas jedhe Lakk 14:34 irratti, akkuma guyyaa afurtama biyyicha gaaddan, akkasuma guyyaan tokko akka waggaa tokkootti lakkaa'amee waggaa afurtamaaf yakka keessaniif in rakkattu; yemmuus isin anaan mormuun maal akka fidu in bartu. Biyya kakuutti kan gale, dhaloota haaraa karaa irratti dhalataniidha. Karaa isaanii yaadi Waaqayyoo raawwatame..

Jireenya kiristaanaan walbira qabnee yemmuu ilaallu, bu'aan biyya lafaa ija keenya duraa yoo dhokate Kristoosiin faana bu'uun ulfaataa miti. Ayyaanni, jaalalli, gara laafummaa, dhiifama gochuu fi jireenyi bara baraa – isa nuuf abdachiifame biyaa aannaniif fi dammaati. Hidhaa biyya lafaaffii of hiiknee, jireenya bara baraa dura keenya jiru yoo amananne Kristoosiin duukaa bu'uun salphaadha. Rakkoon kan uumamu yemmuu abboomamuu didnu, of ganuun fannoo ofii keenyaa baattannee isa duukaa bu'uu dhiisnuudha.

Rakkoon kunis kan hammaatu, yemmuu waldaan salphistee ilaaluun 'Gooftaan beekaadha' jettee filannoo kan biroo yaaduun "namoota muraasa kanaaf waamantu danda'a" jettuudha.

Gurra koo Uri

Duuba deebi'een kakuu moofaa keessaa caqasuun yaada koo jabeessa. Ba'uu boqonnaa 21 hanga lakkoofsa ja'aa jalqabaa irraa waa'ee garba bituu ilaalla. Wanti nama dhibu lakkoofsa 2 irra jira.

Waaqayyo akkas hin jenne, " nama biroo bituu in dandeessu", ykn, "sanyii kee utuu hin taane warra ormaa bitadhu hin jenne." Waaqayyo akkas jedhe, sanyii Ibirootaa yoo bitatte jedha.

Dubbiin kun faallaa ilaalcha Waaqayyo nama hundumaa wal qixxeetti uume jedhuuti. Haamilee namaattis ni bu'a. Garuu kutaa kana keessaa akkuma jirutti, dubbii Waaqayyoo waan ta'eef fudhachuu ykn ammo akkuma barsiisa keenya kan birootti jijjiirree fudhachuu dandeenya. Akka fedha keenyaatti hiikkachuun barumsa Gooftaan barsiise irrattis waan mul'atuuf, yaada keenye lafa keenyee dubbii Waaqayyoo akka jirutti fudhachuu qabna.

Akka kutaa kana keessaa ilaallutti, Waaqayyo garba bitachuudhaan hin mormu, qajeelfama nama bituus hin faallessine. Garuu warra garba bitatan gooftolii hamoodhaan in morma. Lakkoofsa 3 irratti, Waaqayyo haala gaarii mijeessuun namichi garba bitate waggaa ja'a booda gadi haadhiisu jedhe malee bara baraan haa bitu hin jenne. Waggaa torbaffaatti birmaduu haa baasu jedhe. Darbee lakkoofsa 16 irratti nama nama hate gurgure irratti murtee du'aa abboome. Kun garuu bittaa fi gurgurtaa irraa adda. Garbummaan birmadummaadha

Mirga walqixxummaa warri dhiyaa hafarsan dhiifnee, mee haala garba bitachuu haa ilaallu. Seenaa saba Israa'el keessatti barri kun bara namoonni hiyyeeyyiin beelaan dhumaa turaniidha. Namaaf hojjechuuf garboomuun ofii kee fi maatii kee oolchuuf. Namaaf hojjechuun waan gadhee miti. Lakk 4 irraa

akka ilaallutti garbi haala gaariin qabamuun akka irra jiru argina. Itti fufuun gaafa ilaallu, waan gurra keenyaaf keessummaa argina.

—lakk 5: Yoo garbichichi gooftaa koo nan jaalladha jedhe. Kun gurra keenyaaf haaraa ta'a, sababiinsaa garba ta'uun miidhamuu, dhiitamuu fi sarbamuutti waan yaadnuuf. Garbichi gooftaa isaa kan jaallatu, gooftaansaa nama gaarii yoo ta'ee fi isaaf hojjechuun bu'a qabeessa yemmuu ta'uufiidha.

Garbicha gooftaa gaarii mee haa fudhanu. Garbichi kun gooftaa isaa caalaa birmadumaa qaba jedheen yaada. Maaliif ? Sababiiinsaa itti gaafatamummaan jireenya isaa hundumtuu gooftaa isaa irra jira waan ta'eef. Garbichi kun waanuma tokkotti illee hin yaadda'u.

Garbichi mirga hin qabu

Jireenya garbootaa waanti sodaachisaan mirga hin qaban. Waan gooftaan isaanii abboome diduu hin dandaa'an. Waanti "ulfaataan" garbicha gooftaa gaarii qabu mudatu, abboomamuu danda'uudha. Ani ulfaataadhan jedhe, garuu hawaasa keenya ammaatiif gonkumaa hin dandaa'amu, yaaduma isaanii hin seenuuf. Haalli biroon nuti ilaallu, garboonni gooftaa filachuuf mirga hin qaban. Garbichi filannoo gooftaa isaatiin bitama.

Ammas dubbii gooftaan Yesuus afaan isaatiin Wangeela Yohaannis kessatti dubbate, jireenya keenyaan wal bira qabnee haa ilaallu: Yoh 15:16, Isi

nana hin fo'anne;, anatu isin fo'ate; dhaqxanii akka ija godhattaniif, iji keessanis akka jiraatuuf, maqaa kootiin abbaa waan kadhattanis akka inni isiniif kennuuf, ani isin kaaseera. Yoh 6:44, Abbaan inni ana erge yoo isa harkisuu dhaabate, homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u. Yoh 6:65, Abbaa biraa yoo kennamuufii dhaabaate, homtinuu garakoo dhufuu hin danda'u. Namoonni tokkoo tokko akkas jedhu, "duraan garboota cubbuu fi seexanaa turre; Yesuus kanattii birmaduu nu baaseera" jedhu. Kun dhugaadha. Yesuus hojii seexanaa diiguuf mul'ate. Garuu nuti birmaduu miti. Gatiidhaan dhiiga Yesuusiin bitamne, nuti kan ofii keenyaa miti. Gooftaa isa moofaa Seexana jalaa birmaduu baanee, gooftaa isa haaraa Yesuusif garboomneerra. Phaawuloos 1 Qor 6:19 irratti akkas jedha, dhagni keessan mana qulqullummaa hafuura qulqulluu isa isin keessa jiruu ta'uu isaa hin beektaniiree? Hafuura kanas Waaqayyo biraa argattan;.....isin kan ofii keessanii miti. Anaaf kun sirriitti garbummaadha. Yesuus Maatewos 6:24 irratti akkas jedhe, Eenyu illee gooftolii lamaaf hojjechuu hin danda'u, isa tokko jibbee isa kaan jaallachuu, isa tokkoof of kennee isa kaan tuffachuudha malee; isinis akkasuma Waaqayyoo fi horiidhaaf hojjechuu hin dandeessan. Filannoo sadii Waaqayyo, Seexana fi Ofii keenya utuu jiraate nutti tola ta'a. garuu waa'een keenya keessa hin jiru. Filannoo lama qofa. Of gammachiisuuf hojechuunis seexanaaf hojjechuudha. Waaqayyoon jaallachuun waan hundumaa mataa keenya dabalatee jibbuudha. Jechoota Gooftaan

dubbatetti kan ofii keenyaa dabaluuf ga'umsa hin qabnu, abboomamuu fi raawwachuun isatti amanuu keenya mul'isa. Luqqisi dhumaa Ba'uu 21 irraa ilaallu, dhimma garbummaa irratti qajeelfama baay'ee barbaachisaadha. Lakk 6 akkas jedha: gooftaan isaa gara Waaqayyootti isa haa dhiyeessu! Gara balbalaatti yks michichilaatti geessee mutaadhaan gurra isaa haa uru! Kana booddee guutummaa bara jireenya isaatti garbicha isaaf haata'u!

Bara Hundumaa Garboomuu

Waaqayyo maaliif garbichi bara isaa garbummatti haa hafu jedhee? Macaafni maaliif, " waggoota ja'an itti ananiif " hin jedhuu? Gara jalqaba waan daangesse fakkaata, kunis yoo ilaalle sababa qaba. Waggoonni ja'an jalqabaa bara filannoo gooftichaati malee kan garbichaa miti. Garbichichi beela jalaa ooleera. Gooftaa isaatu isa oolche. Amma garuu waggaa ja'a booda filannoo godhachuu danda'a— gooftaa isaa waliin moo kan biroo waliin itti fufaa?

Waggaa ja'aaf jabaattee gooftaa keef yoo hojjette gooftaan kee gaarii ykn gaarii akka hin taane adda baafatta. Gaaffii qomaatiin ykn torbee muraasatti kan walbaruun dandaa'amu. Yeroo dheeraa fudhata amala walii isa sirrii adda baafachuun.

Waqayyo kaaf garbichi garba ta'ee haa hafu jedhe. Namni akkuma namicha kanaatti yoo garboomuu fedhe, itti fufee garbicha ta'ee hafa. Fillannoo ofii isaatiin garbicha ta'ee itti fufuu danda'a. Yesuus Luqaas

9:62 immoo, " Eenyu illee hordaa harkaan qabatee gara booddee isaa ilaalaa hin qotu" fedha isaatiin hordaa harkaan qabatee yoo duuba isaa ilaale, yaada isaa jijjiireera jechuudha. Kuni immoo Mootummaa Waaqayyoo siif kan hin malle taassisa.

Yaaqoob

Qajeelfamni kun macaafa qulqulluu keessatti dhaabbataa fi Waaqayyos akkasumatti namoota waliin adeemaa ture. Namoota kanneen keessaa nama tokko qofaa haa ilaallu.

Yaa'iqoob bara ijoollummaa isaatti waaqa abboota isaatti amanuun isa faana bu'e.

Dhugaa kana kan nu amansiisu macaafa qulqulluu keessaa fakkeenya salphaatu jira. Akkuma maqaa isaa amalli isaa garuu jijijjiiramaadha. Yaaqob Waaaqayyo waliin waadaa seene. Uumama 28: 20-21 yemmuu dubbisnu, Yaaqoob wareega wareegee, "Waaqayyo anaa wajjin ta'ee, karaa ani irra adeemu kana irratti yoo ana eege, buddeena ani nyaadhu, uffata ani uffadhus yoo anaaf kenne.....nagaattis mana abbaa kooti yoon deebi'e, Waaqayyo inni kun, anaaf Waaqayyo, gooftaas in ta'a."

Waaqayyo wajjin Waalii galuu

Amantoonni bara ammaa Gooftaa Yesuus duukaa bu'an yaada Yaaqoobiin walfakkaatu qabu. Karaa ofii barbaadaniin Waaqayyo isaan eebbisee, kurnaffaa fi

kennaa isaanii kennuu barbaadu. Garuu bartuu ta'uun, duukaa bu'uu qofaa miti. Of ganuun hamma du'aatti Gooftaa waliin deemuu murteessuudha, Waaqayyos Yaaqoob irraa kana argeera. Uumama 32:24-32 Yaaqoob ergamaa waliin wal'aansoo qabe. Kun isaaf muuxannoo "gurra uruu" ture. Muuxannoo kana booddee maqaan isaa fi amalli isaa in geeddarameef, innis bara isaa guutuu Waaqayyoof adda ba'e. Mallattoo walga'ii luka isaa irratti baatee deema. Mallattoo Waaqayyoo isa ittiin adda baase ofirra qaba Yaaqoob. Kiristaanonni humna kadhataatti amanan hedduun, Yaaqoob Waaqayyoon cimsee kadhachuu isaa, wal'aansoo qabuu isaa kutaa kana keessatti dubbatu. Kun dhugaadha garuu, bu'aan Waaqayyoon wal'aansoo qabuu mallattoon dhaabbataan Waaqayyoof adda ba'uu nurratti hafuu isaati.

Nama Waaqayyoof adda ba'e natti argisiisi, namni Waaqayyoof adda ba'e mallattoo madaa Yesuus ofirraa qaba. Phawuloos Galaatiyaa 6:17 irratti akkas jedhe, Egaa ani godaannisa madaa isa Yesuus qaba ture namummaa koo irraa waanan qabuuf, namni tokko iyyuu ana hin rakkisin; mallattoon kun keessaan ykn alaan ta'uu danda'a.

BOQONNAA 3

Waamamuu Phexiroos

Amantiin jaamummaa miti. Kunis waan gara fuula duraa ykn haala keenya hubachuu dandeenyeef miti, guyyaa itti Waaqayyotti amanne sana amala Waaqayyoo waan hubanneef, gooftaa jireenya keenyaa isa ta'e tajaajiluun bu'a qabeessa ta'uusaa waan hubanneefi. Dhiibbaadhaan utuu hin taane murtee mataa keenyaan itti amanne.

Bartuun Battala Uumamu hin jiru

Bartuu ta'uun battalatti akka hin taane Pheexiroosin fakkeenya fudhannee ilaaluu dandeenya. Namoota heedduuf garuu keessummaa ta'uu mala, sababiinsaa Phexiroos battalatti bartuu ta'e jedhanii waan yaadaniif.— Yesuus yemmuu isa waame waan hundumaa dhiisee isa duukaa bu'e. Pheexiroosiin aarsaa duukaa buutummaan gaafatu utuu hin

hubachiisin; Yesuus bartuu isaa akka ta'uuf isa hin gaafanne.

Barootan macaafa qulqulluu qayyabachuun dabarse waanan argadhe akkan isiniif qooduuf naaf heyyamaa. Wangeela keessatti taateewwnii fi dinqii ta'an hundumaa, dhugaa jiru hubachuuf walii gala isaa waliin ilaaluu qabna. Waanti caafame hundumtuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin waan caafameef, akka tasaa waanti itti dabalame hin jiru. Waanti barreeffame kamiyyuu barbaachisummaa guddaa qaba.

Seenaa Phexiroos

Maatewos 4:18-20 irraa akka dubbifannutti, Yesuus ciisaa bishaan Galiilaa bukkee utuu deddeebi'uu obbolaa lamaan, Simoon isa Pheexiroos jedhamuu fi Indiriyaas obboleessa isaa kiyyoo isaanii bishaanitti darbachuutti jiruu iyyuu arge; isaan qurxummii qabduu turan. Yesuus, "Na duukaa Bu'aa! Anis nama kan walitti qabdan isinan godhadhaa!" isaaniin jedhe. Achumaan isaan kiyyoota isaanii achitti dhiisanii isa duukaa bu'an. Kana yemmuu dubbifnu, waanuma battalatti bartuu isaa ta'an nutti fakkaata, garuu wangeelota lameen biroo waamamuun Pheexiroos keessatti caafamee jiru hamma ilaallutti murteessuun hin ta'u. Wangeelli Maatiwoos guduunfaa waamamuu Pheexiroos nutti hima. Garuu Luqaasi fi Yohaannis, Pheexiroosi fi obboleessi isaa kiyyoo isaanii dhiisanii Gooftaa duukaa utuu hin bu'in dura taateewwn turan gadi fageenyaan ibsanii kaa'aniiru.

Yohaannis 1:35 Borumtaas immoo Yohaannis cuuphaan bartoota isaa keessaa namoota lamaa wajjin in dhaabata ture. Yohaannis utuu Yesuus achiin darbuu ilaalee, "Ilaa hoolicha Waaqayyoo" jedhe. Bartootni isaa lamaan kana dubbachuu isaa dhagaa'anii, Yesuus duukaa bu'an. Kutaa kana itti fufuun yemmuu ilaallu, bartootni kun Pheexiroosi fi obboleessa isaa ta'uu argina. Lakk 41 irraa akkas jedha, Indiriyaas dura obboleessa isaa Simooniin argatee, "Masihicha arganneerra" jedhee itti hime. Pheexiroosi fi Indiriyaas asirraa akka hubannutti, fayyina Israa'eliif Masihii egaa turuu isaaniti. Lallaba Yohaannis cuuphaa kana yemmuu dhaga'an Yesuusiin duukaa bu'an. Indiriyaasi fi Pheexiroos bartuu Yohaannis turan. Yeroo kana bartuu utuu hin taane, duuka buutuu Yesuus ta'an.

Kutaa kana irraa akka ilaallutti, Pheexiroos nama Waaqayyoon beeku, nama eebbifamaa qurxummii qabduu ture. Bartuu Yohaannis ergi ta'ee, lallaba Yohaannisiin qalbii jijjiirratee cuuphameera. Lakk 41 irraa Pheexiroosi fi Indiriyaas Masihii eegaa turan jedha. Hoj Erg 10: 14 Pheexiroos waan xura'aa akka afaaniin hin qabne dubbata. Yihuudii seera eeguu fi akka raajummaa dubbatameetti Masihii eegaa nama tureedha

Phexiroos bartuu Yohaannis ture, amma garuu duuka buutuu Yesuus ta'e. Luk 4:37 hanga 5:11 yemmuu ilaallu, jireenya Pheexiroosi fi akkamiin " gurra urate" akka urate argina. Lakk 8 irraa Yesuus, mana Pheexiroos deemuunn amaatii isaa fayyise. Mana amaatii Pheexiroos utuu hin taane, mana Pheexiroositti

fayyise. Asirraa waanti hubannu Pheexiroos amma illee mana isaa dhiisee duukaa hin buune. Guyyaa walfakkaataa Yesuus Galiilaa keessa deemee namoota danuu dhukkubaa fi hafuura hamaan qabaman fayyisaa turetti, Pheexiroos Yesuus waliin ture.

Achittis hin taane

Luq 5:1-3, yemmuu dubbifannu Yesuus bidiruu Pheexiroos irra taa'ee namoota danuu barsiiseera. Ammallee Pheexiroos raawwatee bartuu hin taane. Kana booddee mana isaa fi hojii isaa dhiisee duukaa bu'e.

Bakka qurxummii qabuu sanatti Yesuus qabeenya Pheexirositti gargaaramee namoota baay'ee barsiiseera. Yesuus bidiruu Pheexiroosin waltajjii godhatee namoota barsiise. Waaqayyo qabeenya keenyatti , haala keenya kamittuu gargaramuu danda'a. waanti nuti beekuu qabnu, yeroo "duukaa buunu" kanatti wal'aansoon nu mudachuu danda'a. Kiristaanotni baay'een sodaachuu irraa kan ka'e ,amantiin isaanii duuba deebi'a. Kanaafuu aarsaa duuka buutummaan gaafatu baasuu hin danda'an, jireenya isaaniitinis lafa onaa keessatti hafu. Lafa onaa keessa taa'anii maannaa nyaataa hafu, ba'anii lafa ykn biyya kakuutti hin galan. Waaqayyo yaada isaa bakkaan ga'uuf dhaloota kan biroo eega.

Hojii Dinqisiisaa

Wangeelli Luqaas Pheexiros akkamiin Yesuus duukaa akka bu'e bal'inaan ibsa, adeemsichi waan

hin jijjiiramneef nutis kana irraa waan barannu ni qabaanna. Namoota amantii hin qabne booji'uuf, waaqayyo haala isaanii jijjiira. Luqaas 5:4, Yesuus, Pheexiroosin gara tuujubichaatti hiiqi; qurxummii qabuudhaafis kiyyoo keessan darbadhaa! Jedheen. Pheexiroos halkan guutuu hoomaa hin qabanne, amma garuu hamma kiyyoon isaanii tarsa'utti qurxummii qabatan. Kiyyoon isaanii waan guuteef bishaaniin hamma liqimsamanitti ga'an.

Kun dinqii haaraadha; Yesuus dinqii kana maaliif akka hojjete hubachuun ulfaataadha. Namoota kuma shan maaliif akka nyaachise, warra dhukkubsatoo maaliif akka fayyise hubachuun salphaadha; garuu dinqiin asitti ta'e maal hojjetee? Kun dinqii jiraachisuu ykn nyaachisuu Waaqayyooti. Pheexirosiif qurxummii qabuun hojii idileeti. Isaaf jireenya isaa ture. Kanaafuu hojii kana yoo dhiise, jiraachuu akka danda'u Gooftaan itti argisiise. Mee nutis waa'ee keenya asirraa kaanee haa ilaallu. Bartuu Yohaannis ta'uun Masihii eegaa utuu jirruu; Yesuusiin argannee duukaa buune haa jennu, Hojii aangoo Waaqayyummaatiin, Yesuus jireenya dhuunfaa keenyaaf waan barbaachisu ni guuta. Haala kanaan kan yeroo dheeraaf nu jiraachisu battalatti arganna. Yeroo kana ilaalchi keenya akkam ta'aa? Jireenya akkanaas eegaa turre ta'a. Tajaajiltootni hedduun bara ammaa yeroo guutuu tajaajiluu barbaadu. Waanti duuba isaan deebisu garuu gaaffii jireenyaati. Itti gaafatamummaa jireenya dhuunfaa isaanii hedduutu wal'aansoo ittiin qaba.

Yesuus kunoo irraa hafaa jiraachisa! Kanaafuu yeroo guutuu hojjechuun hin dandaa'amuu ree?

Taatee Keessummaaa

Yeroo guutuu tajaajiluuf irraa hafaa qabaachuu yoo baanne illee, eebba ajaa'ibsiisaa arginee gammaduuf jirra. Waanti Pheexiroos hojjete garuu waan hin yaadamneedha. Karaa an yaaduun faallaa raawwate. Pheexiroos lakk 8, irratti Yesuusin akkas jedhe, "Yaa Gooftaa sitti dhi'aachuun anaaf hin ta'u"

Maaltu Pheexiros akka waan faallaa kana dubbatu isa godhee? Deebiin isaa dubbii Pheexiros isa ittaanuudha. Ani nama cubbamaadha jedhe. Nama cubbamaaf akkamitti dinqiin akkasii ta'eef ree? Ani kanaaf deebii hin qabu; Waaqayyo akkaataa gara garaan namoota gara garaaf hojjeta; garuu qajeelfama isaa ibsuuf nan yaala.

Qajeelfamicha

Yesuusin duukaa bu'uuf Waaqayyoon arguu qabna; ammalli isaa araarri isaa, ayyaanni isaa, dhugaa ta'uunsaa fi bara baraan jiraataa ta'uunsaa nuuf ifuu qaba. Garuu wantootni kun battalumatti nuuf hin galan; sababiinsaa waaqayyochi bitaa biyya lafaa kana ta'e ija warra hin amannee waan haguuguuf. Kiristoosin arguudhaaf, hafuurri qulqulluun ija namaa banuu qaba.. yeroo kana Waaqayyoon hubachuun salphaadha

Bartuu ta'uun garuu kana irraa adda. Utuu bartuu hin ta'in dura, qolli biroon agartuu keenya irraa ka'uu qaba. Kanas kan nurraa kaasu Waaqayyoodha. Nuti garuu of ilaaluun amala keenya isa moofaa kan Addaam irraa dhiifama Waaqayyoon gaafachuun deebi'uu qabna. Amalli moofaan sun waan nama gammachiisu miti.

Isayaas haala kanaan walfakkaatu keessa ture. Boqonnaa 6 irratti mul'atan, gooftichi ulfinaan teessoo dheeraadhaaf ol ka'aa irra taa'ee utuu jiruu arge. Yemmuus Isayaas, wayyoo kaa ani nama arraba xura'aati nan bade ofiin jedhe. Kana caalaa waan ofiin jedhu hin qabu. Waaqayyoon dhugaatti arguun ofii keenya sirriitti nu hubachiisa. Kan nam sodaachisu namoonni hedduun bara kana Waaqayyoon akkaataa barumsa ofii isaanii qopheessuun barsiisanitti beeku. Garuu barumsi nuti akka mana amantaa keenyaatti barsiifnu cubbuu keenya nutti hin argisiisu. Ibsa amala Waaqayyoo utuu hin taane, waaqayyoomaan beekuutu nurra jira.

Phexiroos yemmuu of arge ofitti hin gammanne. Gatii akka hin qabnetti of lakkaa'e. Gooftaan Yesuus isa kana nama hundumaarraa barbaada. Nama eenyummaa isaa sirriitti hubatetu bartuu dhugaa ta'uu danda'a. Pheexiroos kan inni of ceepha'eef, cubbuu ofii isaa hubateeti. Yesuus garuu cubbuu isaatiif isa hin ceephaane. Pheexiroos sirriitti of beekuun isaa Gooftaa waan gammachiise fakkaata. Kanaafuu "Hin sodaatin, ani maal akkati taate beekaa" ittiin jedhe. Akkati na gantu iyyuu dursee beeka, kanammoo akkati

beektuufan sittima jedheen. Kana hundumaa ergiti hubattee sittan gargaarama. Namoota akkati naaf qabdun si godhadha.

Waaqayyoof Bu'aa Buusuu

Pheexiroos yemmuu isa duukaa bu'e, Gooftaan isa tajaajilaa ture. Harmee haadha warraa isaa fayyiseeraaf. Garuu amma illee Pheexiroos Gooftaaf bu'aa buusuu hin jalqabne. Garuu akkuma Gooftaan, Pheexiroosin eenyummaa isaa akka hubatu godhee booddee, Pheexiroos dhugaa hubachuun Yesuusiif bu'aa buusuu eegale. Hundumaa dhiisee namoota Gooftaaf walitti qabuu jalqabe.

Qajeelfamni biroon jiru isa kana: Waaqayyo duuka buutuu isaa ni tajaajila, duuka buutonni isaas Waaqayyoof bu'aa guddaa buusu.

Dhugaa Dhuma Irratti ta'u

Luqaas 5:11 irraas akkuma Maatewos barreessetti gabaabsee: Bidiroota isaanii gara qarqaraatti ergi baasanii booddee, hundumaa dhiisanii Yesuus duukaa bu'an. Want ajaayibsiisaan, Pheexiroos hojii dinqisiisaa Yesuus isaaf hojjete yemmuu arge; dhimma foon isaa dhiisee waa'ee lubbuu isaa dubbate. Argachuu fi dhabuun Gooftaa duukaa bu'uuf isa hin dhibne. Garuu yemmuu Yesuus isa jajjabeessetti, hundumaa dhiisuu akka qabu beekee, waan jireenya isaaf barbaachisu utuu hin yaadin, hundumaa dhiisuun Yesuusiin duukaa bu'e

Bartuu dhugaa

Kun bartuu ykn duuka buutummaadha. Waan hundumaa utuu hin dhiisin bartuu ta'uun hin dandaa'amu. Kana jechuuf barsiisa maaliin qabaa? Mee dubbii Yesuus dhimma kana irratti dubbate haa ilaallu. Barumsa Gooftaa kanas akka dubbii dhugaatti fudhachuun filannoo keeti ykn immoo akka hiikoo ofii keetti icitii godhachuu ni dandeessa. Maatewos.7:24-27 irratti Yesuus, lallaba gaara guubbaa fakkeenya mana dhagaa irratti ijaaramee fi cirracha irratti ijaaramee dubbachuun xumure. Yesuus ofii isaatii dhagaa nuti irratti ijaaramnuudha. Kutaan kun garuu isa kana miti. Fakkeenya kana yoo ilaalle, Yesuus garaa garummaa dhagaa fi cirrachaa sirriitti dubbata. Warri dhagaa irratti ijaaran warra lallaba gaara guubbaa dhaga'uun raawwataniidha. Warri cirracha irratti ijaarratan immoo warra lallaba gaara guubbaa dhaga'anii hin raawwanneedha. Kun dhimma amananii hojiitti hiikuuti. Amanuun waan tokkoodha, garuu hojiitti hin hiikamne taanaan amanuun keenya akkamiin mul'ataa? Jireenyi abboomamu hin qabnu taanaan amantii keenya duuba dhokachuu hin dandeenyu. Dhimma bartuu ta'uu irratti, barumsa Yesuus barsiise sirriitti dubbisi. Ittis yaadi wantootan as keessatti katabu caalaa isaantu barbaachisoodha.

Kiristaanota Dhugaa

Lallaba isaa gaara gubbaa keessatti Yesuus isin soogidda nuun jedhe. Kunimmoo waanta hawaasa

keessaa argannu utuu hin taane, eenyummaa jireenya keenyaati. Kiristaanummaa dhugaan waanta nuti amannu utuu hin taane, waanta nuti jiraannuudha. Kiristaanoti jireenya qaban akkuma jiran; warrri amanuu isaanii barsiisa mana amantaa isaanii keessaa qabachuu qofaan jiraatanis jiru.

Luqaas 14:34-35 — Soogiddi waan ba'eessa: soogiddi garuu miyaa yoo of keessaa dhabe, maaliin deebi'ee miyeeffamaree? Lafa coomsuudhaafis xaa'ootti dabaluudhaafis waa'ee hin baasu, bakkeetti in gatama malee. Dubbii Gooftaa keessa humna akkamiitu jiraa — jireenya qabaachuu fi dhabuun hammam akka waa'ee hin baafne nutti argisiisa.

Boqonnaa 2 keessattti qajeelfama namaaf garba ta'uu ilaalleerra. Gooftaan keenya Waaqayyo, hamma nuti aarsaa duuka buutummaan gaafatu adda baafannutti humnaan duuka buutuu isaa nun taassisu. Yeroo fudhannee itti yaaduun jireenya keenya isatti kennuun duukaa bu'uu qabna.

Ji'a ja'a ykn waggaa ja'a ykn waggaa digdama booda rakkoon uumamuu danda'a. garuu akkan amanutti duuka buutuun kamiyyuu bartuu ta'uuf yerooma tokko waamama. Sabani Israa'el biyya kakuutti galuuf carraa tokkicha qabu turan. Phexiroos garuu yeroo lamaaf carraa waamamuu argate.

Ati akkamitti akkati fudhatu hin beeku, sababiinsaa kiristaanummaan hariiroo jireenya dhuunfaa Waaqayyoo wajjinii waan ta'eef. Waamamuuf carraa kudhan ykn tokko argachuu dandeessa. Waanti fokkisaan garuu carraa baay'eetu jira jedhanii yaaduudha.

Wal'aansoo

Ani umurii waggaa torbaattin duuka buutuu Yesuus ta'e. waggaa 24 boooda, waggaa soddommaffaa kootti, mudannoo ulfaataa jireenya koo na gansiisun jalqabe. Waan hundumaa sababa tokko malee gara Gooftaan na oofettin deemuu jalqabe.

Sadarkaan kun bay'ee sodaachisaadha, gara Yesuus itti si geessu eenyu iyyuu hin beeku. Qofummaa, namaan jibbamuu ykn lubbuu kee aarsaa gochuu ta'uu danda'a. Guutummaa guutuutti to'annoo keetiin ala, namoonni heedduun asitti duuba deebi'u. Maaliif dhuunfaan Waaqayyo wajjin turree utuu adda hin baafatin gara kanatti dhufnee jedhu. Utuu hin hubatin waa dalaguun gowummaa guddaadha. Umurii koo 30 irraa kaasee duuba koo deebi'ee hin beeku. Waaqayyos nagargaareera. Muuxannoon jireenya koo waggoota digdamman darbanii garuu Waaqayyoon akka waan inni wal'aansoo jireenyaa kamiinuu keessa nan galchineetti yaaduu ture. Dadhabbii koo hundumaa keessatti garuu amanamummaa Waaqayyoo argeera.

Duuka buutonni Maal ta'uu?

Kiristaanota garee lama, "duuka buutotaa fi bartuu?" jiraa jettee gaafachuu dandeessa. Bartuu ta'uun battalatti akka hin taanee fi jireenyi kiristaanummaa guddataa akka adeemu ilaalleerra.

Yaada Waaqayyo kiristaana sadarkaa lamatti qooda jedhu of keessaa baasuu qabna. Yaada kana deggeru

macaafa qulqulluu keessaa hin argannu. Haata'u maale, baay'een namoota kiristaana ofiin jedhanii duuka buutota qofa. Akkan ilaalutti baay'een isaanii waan hundumaa dhiisuun Waaqayyotti of kennuuf yeroo hin qabaanne. Akkasumas baay'een warra wal'aansoon isaan mudannaan aarsaa barbaachisu baasuu dhiisanii duba deebi'aniidha. Yeroo waaqeffannaa hata'u, yeroo gaddaa yookis dhukkubaa waamichi al tokkoof gara isaanii dhufeera. Karaa fi haalota miliyoona hedduutti Waaqayyo gargaaramuu danda'a, garuu namni amane kamiyyuu bartuu ta'uuf waamameera.

Warra Hambaa qofa

Baay'een waamicha Waaqayyoo didaniiru yemmuun jedhu, yaada koo qofaa caalchifadheenii? ykn qajeelina ofii koo irratti hundaa'eeni? Kanin jechuu danda'eef qorannoo mataa koon ykn murtii dhuunfaa koo irratti hundaa'ee utuu hin taane, dhugaa macaafa qulqulluu keessaa akkaataa Waaqayyo saba isaa waliin ittti ture argeeni. Warra hambaa, namoota muraasatu yeroo hundumaa fayya. Guutummaan biyya lafaa yeroo balleeffaminitti, Nohii fi maatii isaa qofatu hafe. Namoota dhumanii fi hafan yemmuu walbira qabnee ilaallu nama sodaachisa. Namootni magaalichaa hundumtuu hind human, Looxii fi maatii isaa qofaatu oole. Namoonni dhuman kun cubbamoota waan ta'aniif jettee yaada kaasuu dandeessa. Dhugaadha, garuu warra hafan waliin garaa garummaa hin qaban. Namootni Israa'eel biyya kakuutti galuuf Gibxii

ba'an, garuu namoota lama qofatu biyya abdii sanatti gale. Miliyoonota keessaa lama qofa! Durboota warra kurnan keessaas shan qofatu carroome. Namoota danuu Yesuus duukaa turan keessaa, 120 qofaatu kutaa manaa isa irra keessatti abdicha eeggataa ture. Namoota kumaatama inni lafa onaaf duwwaatti nyaata nyaachise eessa jiruu?

Tuutni sonaan baay'een mooti nuuf ta'a jechuun Hosa'inaa jechaa Yerusaalemitti isa geessan eessa dhaqanii? Isaan kun hundumtuu nyaataaf, dinqii ilaaluuf, jireenya dhuunfaa isaaniif warra duukaa bu'aniidha.

Kutaa 2

Aarsaa

Boo'ichi koo hafeera
Boo'uun koo hin ga'a
Ijikoo waan gaarii hin argu, yeroon ofilaalu cubbuu
koon gurraacha'eera
Yeelloo fokkisaa sana danda'ee hin baadhu J i l b
i k o o l a a f e e r a m i i l i k o o s g a t a n t a r e e
r a a m m a l l e e j i r e e n y a h i n q a b u
Fuula koo irra maaltu jiraa waa too narra lola'aa
Hirree isaa isa naf waranameen hiixatee mataa koo
ol qabe burqaan isa cinaa dhangala'u jireenya
koo dhuunfate
Lubbuun koo in fayyite yeelloo fi qaaniin narraa
godaane Keessi koo bilisa ba'e
Hafuurri koo in birmadoome
Ani ammyuu isa tajaajiluufan garboome

Maurice Barratt

BOQONNAA 4

Qajeelfamoota

Bartuu ta'uun aarsaa guddaa waan gaafatuuf, dursinee gatii baasuun jireenya keenya akka eeggatu itti yaaduun bartuu ta'uuf of qopheessuu qabna. Yesuus akkuma ibsee dubbate, bartuu ta'uun aarsaanni gaafatu mee waliin haa ilaallu.

Abboommi/qajeelfama Haaraa

Maatewos 16:16 irraa yemmuu dubbifnu Yesuus Masihicha ilma Waaaqayyo jiraataa ta'uu isaa Pheexiroos mul'ata argate. Yesuus kana abbaa kootu sitti mul'ise malee ofiin hin barre ittiin jedhe. Amma bartootni warri kaanii fi Pheexiroos Misihichi akka dhufe sirriitti hubataniiru. Kanaafis sagalee misiraachoo akka labsaniif akka isaan in eegu. Isa mul'ate kana biyya lafaatti lallabuuf aboo fi ija jabummaa guddaa argataniiru. Garuu lakk 20

irratti Yesuus waan faallaa dubbate; Masihicha ta'uu isaa nama tokkotti akka hin himneef cimsee isaan abboome. Yesuus maaliif abboommii keessummaa kana bartoota isaa abboomee? Waan dhugaa kana akka dhoksaan maaliif barbaadee? Deebiinsaa lakk 21 irra jira: Yeroo sanaa jalqabee Yesuus gara Yerusaalem akka dhaqu dhiphachuunii fi du'uun akka isa eeggatu isaanitti hime.

Bakka kana irraa ka'uun wangeela Maatewoos yoo dubbistan, tajaajilli Yesuus jijjiiramuu isaa argitu. Iddoo tokko qofaatti mucaa isa bartootni isaa fayyisuu dadhaban fayyise malee tajaajila namoota fayyisuu isaa hin arginu. Akeeka gara biyya lafaa kana dhufeef dhiphachuu, aarsaa cubbuu ilmaan namootaaf du'uuf ofii isaa qopheessuu akkasumas bartoota isaa qopheessuu argina. Kayyoon guddaan inni gara biyya lafaa kana dhufeef kanuma. Namoota fayyisuu fi dinqii gara garaa hojjechuun amala Waaqummaa, gara laafuu fi jaalala qabaachuu isaa irraa kan ka'e gochaa ture. Hojiin aangoo inni hojjetaa ture aangoo guddaa qabaachuu isaa yookis Masihicha ta'uu isaa mul'isuuf miti. Kana mul'isuuf taanaan Yesuus hin milkoofne, sababiin isaa namootni isatti hin amanne Waaqayyoon arrabsite jechuun isa fannisan malee.

Pheexiroos garuu kallattii gara tajaajilli Yesuus itti jijjiirame hin hubanne. Akkuma kiristaanota bara ammaa, mootummaan ijaan mul'atu dafee lafa kana irratti mul'ata jedhee eega ture Pheexiroos. Kanaafuu Yesuus sagalee guddaa inni hubachuu danda'uun isa ifate. Jecha lafa onaa keessatti Seexanaan yemmuu

qorame Seexana ifateen, Pheexiroosinis na duraa turi Seexana nana jedhee ifate. Jecha ulfaata kana maaliif ittiin jedhee? Sababiiin isaa utuu hin fannifamin ammuma mootii godhanii biyya lafaa kana irratti isa moossifachuuf waan yaadaniif. Kuni "mootummaa jabanaawaa ammeedhe" barsiisa fannoo malee aangessu. Pheexiroos rakkinaa fi gidiraa malee amma waan barbaadeef, Yesuus gara fannoo akka dhaqu hin feene. Jechi "Fannoo malee Gonfoon hin jiru" jedhu yeroo hundaa dhugaadha.

Tartiiba sasalphaa sadeen

Yesuus amma karaa irra darbuun isaa fi bartoota isaaf dirqama ta'e gadi jabeessee ibsee dubbateera.

Itti fufee lakk 24 irratti akkas jedhe, namni tokko illee ana duukaa bu'uu yoo barbaade,waa'ee ofii isaa dhiisee fannoo isaa ofirra kaa'atee, ana duukaa haa bu'u. Abboommii salphaa sadii– garuu bakka Yesuus icitii ulfaataa itti dubbate fi bu'uura jireenya kiristaanaaf baay'ee barbaachisoo ta'an of keessaa qabaniidha.

Yesuus qajeelfamoota sadeen duraa duubasaanii waliin jijjiiruun isaa, qormaata jalqabaati. Duukaa bu'uun isa jalqabaati, ergi isa duukaa buune ofii keenya dhiisuu nuuf salphata ta'a. Fannoo ofii baattachuun isa duukaa bu'uun sodachisaa waan ta'eef, kiristaanoti baay'een fannoon utuu duubarra oolee barbaadu. Yesuus barsiisaa guddaa akka ta'e in beekna, kanaafuu maaliif tartiiba jireenya bartuu

akkasitti kaa'ee? Kaninni akkasittiin kaa'eef yoo ofii keenya ganne, fannoo keenya baattachuun isa duukaa bu'uu dandeenya. Nuti waldaa keenya, barsiisa mana amantaa keenya ykn yaada garaa keenyaa utuu faana bu'aa jirruu, Yesuusin duukaa bu'aa jirra jennee yaaduun of gowwoomsina. Isa duukaa bu'uun akkaataa tartiiba bu'uuraa lameen jalqabaa hordofuun ta'uu qaba.

Wantooti sadeen Yesuus dubbate kun wantoota sadeen biroo jireenya keenya keessatti, Gooftaa waliin deemuu nu dhorkan: biyya lafaa, seexanaa fi foon keenya wajjin wal qabatu. Akkan amanutti of ganuun biyya lafaa dhiisuudha, fannoo ofii baattachuun foon ofii bituu fi Yesuus duukaa bu'uun Seexana irratti aboo qabaachuudha.

Hojii Seexanaa Diiguu

Ergaa 1Yoh 3:8 irraa ilmi Waaqayyoo hojii Seexanaa diiguuf mul'ate jedhee nutti hima. Hojiin Seexanaa maalidhaa? Hojii faallaa Waaqayyooti. Hojiin Waaqayyoo maalidhaa? Namoota Qulleessuudha. Seexanni garuu faallaa kanaa hojjeta – namootni akka hin abboomamne gochuun akkasaa akka ta'an hojjeta. Hojii seexanaa diiguun isa seexanni hojjete balleessun namoota gara Waaqayyootti deebisuudha.. namoonnis amala Waaqayyoo akka qabaatan gochuudha. Hojiin guddaan waldaa kiristaanaas namoota Waaqayyoof qulleessuudha.

Biyya lafaa kana utuu hin ganin, jireenya moofa duraanii Kiristoos waliin utuu hin fannisin, akkamiin

qulqullaa'uu dandeenyaa? Hojii seexanaa diiguun tartiibaa isa sadaffaa fi isa xumuraati. Amala Kiristoos ykn jireenya isaa yoo qabaanne nutis hojii Seexanaa diiguu dandeenya. Humna Kiristoos qofaa qabachuun hin dandeenyu. Sababiin isaa qulqullummaan murteessaadha. Gama hundumaan Seexanni fakkeessuun hojjechuu mala garuu amala Kiristoos agarsiisuu hin danda'u.

Wantoota sadeen Yesuus barsiise kanneen gadi fageenyaan mee haa ilaallu.

BOQONNAA 5

Of Ganuu

Waa'ee ofii dhiisuun dhiifamuu cubbuu argachuun walitti hidhamiinsa hin qabu. Warra Kristoositti amanan hundumaaf gatiin cubbuu fannoo irratti kaffalameeraaf. Yesuus guutummaatti aarsaa cubbuu waan kaffaleef, nuti qajeelummaa ofii keenyaan utuu hin taane, kan isatti amanuun qajeelota taaneerra. Hojiin ofii keenyaa kam illee kana bakka bu'uu hin danda'u. Kiristoos du'uu isaatiin hundumaa nuuf xumureera.

Haata'u malee, ergi amananii booddee, kiristaanonni tokko tokko akka cubbuutti kufan iftoominaan dubbatu. Garaa garummaan jiru agruu, isaan irra gatiin cubbuu hin jiru. Phaawuloos Roomaa 8:1 irratti akkuma dubbatu, Egaa amma firdiin, warra Kristoos Yesuusitti qabamanii jiraatanitti faradamu tokko illee hin jiru. Isaan akka fedha hafuuraatti malee; akka fedha fooniitti hin jiraatan. Akkasumas Qolasiiyas 1: 21-22 Phaawuloos akkas jedha,

isin dur....amma garuu Waaqayyo du'a namummaa ilma isaatiin isin araarsee, warra isaaf qulqullaa'an, warra mudaa hin qabne, warra balleessaa hin qabnes godhee of dura isin dhaabachiiseera. Maartiin Luuter akkuma dubbate, yeroo hundumaa ni dogoggorra/cubbuu hojjenna garuu nuti yeroo hundumaa qajeelota.

Mee muuxannoo dhuunfaa koo irraan waa sinitti hima; isinis akkasuma jedhee waanan yaaduuf. Waantin yaadu cubbuu hojjechuudha, dubbii Phaawuloos irra deebi'uun akkasan jedha, utuun hin fedhin cubbuun hojjedha. Karaa hundumaa akka Kristoos ta'uuf nan hawwa,

yeroo hundumaa amala Addaam nakeessa jiruuf kufeen of arga. Kanaafuu, of ganuun cubbuu akka hin hojjenneef miti. Of ganuun hundumaa dhiisuun gammadanii jiraachuuf malee!

Wantoota Bebbeekamoo Dhiisuu

Akkas taanaan, of ganuu jechuun wantan jaalladhu gochuu dhiisuudha, wantoota cubbuu hin taanes raawwachuu dhiisuudha. Sababii kanaaf, waa'ee hammeenya biyya lafaa kanaa irratti Yesuus bartoota isaa waliin hedduu dubbateera.

Wangeelli "biyya lafaa" maaliin jedhaa? Sirriitti beekuu qabna. Waa'ee dachee irra jiraannuu kanaa dubbata miti. Guutummaan lafaa kan Waaqayyooti. Garuu bitaan biyya lafaa kanaa Seexana. Biyyi lafaa nuti jennu kun, bulchiinsa hafuuraa kan ofii ishee siyaasa, aadaa, amantaa fi k.k.f qabdi.

2 Qor 4:4 irratti Phaawuloos yemmuu dubbatu inni hamaan waaqayicha bara si'anaa kana ta'e, yaada warra hin amaninii sanaa jaamseera. Kana kan godhu Seexana qofa. Kufaatii Addaam irraa kasee hanga yoomiittu; biyya lafaa kana Seexanatu bitaa jira. Bulchiinsi mootummaa Seexanaa kunis hamma Mul 11:15 raawwatuutti itti fufa. Kutaalee macaafa qulqulluu armaan gadii yemmuu ilaallu; qabatamaan ofii keenya ganuun biyya lafaattii adda ba'uu akka qabnu hubanna.

> Namani biyya lafaa guutummaatti yoo buuftae, lubbuu isaa yoo dhabe, bu'aan isaa maaliree? Kutaan kun bartootatti dubbatame malee, cubbamoota warra biyya lafaa keessatti miti.
>
> Maatewoos 16:26

> Yaaddoon biyya lafaa, gowwoomsaan soorumaa, kajeellaan addaa addaas itti dachaa'anii dubbicha huunaan ija utuu hin godhatin hafe. Kunis namoota Waaqayyotti amananii dubbii isaa dhaga'aniin jedhame.
>
> Marqoos 4:19

> Isin namoota garagaggaltuu nana biyya lafaatti michoomuun diina Waaqayyoo akka nama godhu hin beektaniiree? Ammas kiristaanotaan jedhame.
>
> Yaaqoob 4:4

> Biyya lafaa yookis waan biyya lafaa jaallachuutti hin hidhaminaa; namni tokko biyya lafaa jaallachuutti

yoo hidhame, Waaqayyo abbaa jaallachuunisa keessa hin jiru. Amms dabalee amantootaan jedhame.

1 Yohaannis 2:15-16

Biyya Lafaa dhiisuu

Nuti kan biyya lafaa miti jedhanii afaaniin dubbachuun; kiristaanotaaf salphaadha; garuu qabatamaan jireenyaan mul'isuunoo? Akka waldaatti raawwadhee hin haasa'u, sababiinsaa waldooti keenya jireenya dhiisaniiru. Kiristaanummaan keenya jireenya nuti bakkeetti jiraachuun argisiifnuudha malee isa waldaa keessaa miti. Baay'een kiristaanotaa jireenya golasaa hamaa baatee waldaadhaa shubbissa.

Kiristaanummaan akkatti Waaqayyo na arguu fi eenyummaa koo isa dhugaadha. Kiristaanummaan amaneera jedhee waanan afaaniin dhugaa ba'u miti, garuu waanan dhugaadhan garaa koorraa jiraadhuudha. Akkas miti taanaan ofumaati, agatiis hin qabu. Biyya lafaa dhiisuun Gadaamiitti galuu miti. Yesuus isa kana hin dubbanne. Biyya lafaa keessa jiraannee; jireenya biyya lafaa akka hin jiraanne dubbate malee. Namoota gadaamii keessa jiraatanitti, utuu jireenya gadaamii hin beekin itti faraduus hin qabnu.

Biyyi Lafaa Nu Ganuu

Yesuus biyyi lafaa kan seexanaa waan ta'eef, biyya lafaa jaallachuu akka hin qabne ibsee dubbateera. To

do so is hojii hamaa biyya lafaa, xuraa'ummaa akka hin raawwanne dubbateera. Walumaa galatti kana jechuun: burtuu isaa ta'uu yoo barbaanne; biyya lafaa dhiisuu qabna, ykn biyyi lafaa nu dhiisun dirqama.

Barreeffamoonni John fi Charles Wesley, ergaa kana fakkaatuun guutuudha. Jarreen kun hin dogoggoran moo yerootu itti darbee? Seenaan garuu faallaa kanaa mul'isa; haata'u iyyuu malee beektonni akka dubbatanitti sochiin hafuuraa bara ammayyaa ykn Pheenxeqostaalummaaf namoonni lameen kun bu'uura jedhu.

Hawaasa keenya bara ammaa kanaaf kan barbaachisu – namoota Waaqayyoo qulqullummaa qaban; kan akka Phaawuloos Kiristoosiif jedhanii biyya lafaa kositti lakkaa'an malee, warra dinqii hojjetan ykn bu'aa mataa isaaniif jecha warra waa'ee lubbuu faarsan miti. Dadammaqiinsa dhugaadhaaf karaa biroon jireenya dhugaan tajaajiluu qofa.

Mee faaruu galataa fi waaqeffannaa Weesileey keessaa waa haa ilaallu.

Ergin siwajjin fannifamee homtinuu yaada koo sittii adda hin baasu

Karaa kee biyya lafaa jalaa du'eera Waaqayyoo wajjinan jiraadha wanti biyya lafaa hundumtuu darbuuf jira ati garuu Yesuus ulfina koo naaf ta'i ibiddi kee keessa kootti qabateerea jireenya koottis faca'ee guutummaatti naqulleesseera.

Namni gadaamitti gale, ifaadhumatti biyya lafaa dhiiseera; garuu biyyi lafaa akka isa keessaa ba'e adda baasuun baay'ee ulfaataadha. Biyyi lafaa akka nu

dhiise akkamiin beeknaa? Yesuus utuu hin fannifamin dura akkas jedhe, yeroon mootummaan duukkanaa itti dhufu ga'eera, garuu ana irratti gooftummaa hin qabu. Kana jechuun Seexanni isaaf kan kennu homaa iyyuu hin jiru jechuu isaati. Yaaqoob 1:13-14 irraa yemmuu ilaallu, namni kajeellaa ofii isaatiin qoramee,... Waaqayyo biraa natti dhufe in jedhin. Kanaafuu, hinaaffaa qulqulluu yoo qabaanne hin qoramnu.

Kun wanta ofilaaluu qabnuudha. Wantu nuti adda irraa baanee jiraachuu hin dandeenye hundumtuu nurratti gooftaadha. Nurratti gooftummaa qaba taanaan immoo; nuti birmadummaa hin qabnu.

Maatii kee, qarshii, konkolaataa, fayyaa kee, muuziqaa, spoortii...irraa adda baatee jiraachuu hin dandeessuu taanaan ati birmadummaa hin qabdu. Ammas ofii keenya yaadachiisuu kan qabnu, of ganuun wanta nuuf heyyamame illee dhiisuu danda'uudha. Wantootni olitti caqasaman hundumtuu cubbuu miti. Garuu kana dagachuu hin qabnu, anaaf jedhee waan qabu hundumaa kan hin dhiifne; bartuu koo ta'uu hin danda'u.

Seenaa waldaa kiristaanaa keessatti kiristaanoti yaada rimee kana hubachuun waan itti ulfaateef fiixee gamaa gamanaa gidduu taphatu. Fakkeenyonni armaan gadii lameen yaada koo kana ibsu.

Televiziyoona

Yeroo televiziyoonni jalqabaaf hojjetame, tajaajiltootni hedduun "mul'istuu si'ool" jedhanii

moggaasan. Namootni kun garuu har'a mana isaanii keessaa itti gargaaramaa jiru. Yeroo sana sirrii turanii, amma dogoggoranii?

Yookaan immoo amma dogoggoranii? Asirratti murtee kennuuf ofeegganoo gaafata. Gama lameenuun fiixeetti ba'uun balaa qaba. Televiiziyoonni meeshaa callisee ergaa dabarsuudha. Garuu ergaan inni dabarsu rakkoo qabaachuu danda'a. Cubbuun egaa akka namicha ergaa qopheessuun televiiziyoona keessaa dabarsuu sanaati. Garuu televiiziyoona sana miti. Tiiviidhaan wangeela lallabuu ni dandeenya. Garuu Tiiviin hawaasa keenya irratti karaa miidhaa geessisuunis dhiibbaa uumeera.

Akka kiristaana tokkootti televiiziyoona yoo qabaatte garuu miidhaa inni fidu irraa ofeeggachuu qabda. Guyyaadhaa guyyaatti qarshii miliyoona hedduun itti ba'uun tiivii keessaan beeksifamaa oola. Tiivii qabaatanii miidhaa inni fidu irraa ofeeguun ulfaataadha. Akkasuma biyya lafaa keessa jiraachuun, biyya lafaa irraa adda of baasuunis baay'ee cimaadha.

Qarshii

Qajeelfama kanneen ibsuuf qarshiinis akka fakkeenya birootti nu gargaara.

Maallaqni humna ofii isaa qaba. Wangeelli gooftaa biyya lafaa jedhee waama. Bartuun qarshiif jiraachuu hin qabu; yoo qabaates mootummaa Waaqayyoof oolchuutu irra jiraata. Lallaba isaa gaara guubbaatti Yesuus, waan nyaattaniif, waan uffattannif akkasumas

waa'ee jireenya keessaniif hin yaadda'inaa jedheera. Hubadhaa waanuma tokkottuu hin yaadda'inaa jedhe. Waanti kamiyyuu gooftummaa isinirratti hin qabaatin jechuu isaati.

Yesuus maallaqa qaba ture. Yihuudaan inni bartuun qarshi qabaa isaa ture. Akkan yaadutti qarshii kanatti kan gargaaramu Gooftaa ykn bartoota isaa nattinfakkaatu.

Akkaataa dinqiitti Waaqayyo isaan jiraachisaa ture. Qarshiin sun tajaajila namoota biroof oolaa ture. Yihuudaa inni hinaaffisaan gafaa shittoon gati jabeessi miilla Yesuusitti dhangala'e maal jedhee? Qarshiin kun torbanoota hedduu nu jiraachisa hin jenne. Maaliif gurguramee hiyyeessotaaf hin kennamuu jedhe? Yihuudaa inni kalafataanuu, dhimma qarshiin sun irra ooluuf beeka ture.

Yesuus waa'ee qarshiif dhimma waan hin qabneef, Yihuudaa isa hattuu qarshi qabaa godhe. Maatewoos 10, bartoota isaa yeroo erge horii qabatanii akka hin deemne abboome. Addunyaan amma faallaa akka jiraannu barbaaddi, garuu humna nurratti akka hin qabaanneef hojjechuu qabna.

Salphaatti Gibxii hin ba'an

Beektonni macaafa qulqulluu hedduun irratti akka walii galanitti; Gibxi biyya lafaatti fakkeeffamti. Fara'oon dha'icha kudhan booddee saba sana gadhiise. Har'as akkasuma biyyi lafaa kun salphaatti gadi nun dhiiftu. Kiristaana taatee toora biyya lafaa waliin nageenyi kee akka siif eegamutti yaadda taanaan, kiristaanummaan kee

ofumaati. Waaqayyo isa hundumaa uumen tajaajil; inni abbaa kooti, manni koo waaqa irra jechuun salphaadha. Akka barsiisa Yesuus barsiisee fi ergamootaatti jiraachuu dhiisuun garuu qoosaa fi arrabsoodha.

Kiristaanoti hedduun jireenyi bara baraa akka jiru hin beekan. Kun dhugaa jiruudha. Wanti isaan barbaadan dhumarratti rakkoo biyya lafaa kanattii furamuu qofa.

Lafa kana irratti qabeenya isaaniitiin bohaaruu barbaadu, waaqarratti itti jiraachuu hin barbaadan. Wantoota akka spoortii, siyaasaa, faashinii.... tarreessuu ni dandaa'ama, kiristaanonni faana bu'uun qabeenya isaanii kan irratti dhangalaasan. Kanas biyya lafaa kana irratti qabeenya isaanii akka kuusaa jiran utuu hin hubatin godhu. Yesuus isa kana akka hin gooneef cimsee akeekkachiiseera.

Seenaan akka ibsutti waldaan kiristaanaa yeroo maraa yaada biyya lafaa kanaan dhugamteetti. Mootonni garaa garaa yeroo ka'anitti akka waan Waaqayyo abboomeetti bulchiinsa isaanii deggeruun waliin dhaabatteetti. Raacitiin xiqqoon ishee bukoo guddaa bukeessiti. Soogiddi dafee miyaa isaa fixa.

Kiristaanummaa dhugaan garuu siyaasa hundumaa irratti dhiibbaa uuma. Dhugaa qabatamaan garuu mootummaan Waaqayyoo bulchiinsa biyya lafaa geggeessitu kam caalaa filatamaadha.

Waliin mormuu yookaan Walii galuu

Seenaan akka ibsutti waldaan bara jalqabaa sirna siyaasaa mootota warra Roomaatiin ari'atamaa turte.

Bara mootiin Konistaantiin jedhamu mo'etti garuu ari'annaan in dhaabbate. Sababiinsaa mootiin kun amantii kiristaana kan mootummaa waan godheef. Haata'u malee waldaan waggoota kumaatamaaf seenaa hirribaa fi kufaatii keessa seente. Kunis bara duukkanaa ture,

Har'as waldaan sirna adeemsa biyya lafaa muuziqaa, siyaasa, aartii jijjiiruuf waan keessa seenteef; rakkoon kun mul'ataa jira.

Walmakuun caafiitti ba'uun waldaan siyaasa biyya lafaa keessa seenti, namoonni siyaasaa immoo waldaa keessa seenuun dagaagee jira. Isa kanaan Waaqayyo in morma. Faallaa barsiisa gooftaatis.

Biyya lafaa kana keessa yoo jiraanne iyyuu siyaasa biyya lafaa irraa adda ba'uun keenya dirqama. Dhiibbaa irratti geggeessuu qabna malee dhiibbaa nurratti geggeessuu hin qabdu biyyi lafaa..

Kiristaanummaa Sirrii

Sirriitti barumsa Yesuus yoo ilaalle, shakkii tokko malee bartoonni yookin kiristaanonni waan raawwachuu qabaniidha. Yesuus yeroo baay'ee akkas jedha, waanjoon koo salphaadha... jireenya irraa hafaa akka qabaattaniif malee, isinitti faraduuf hin dhufne. Namoonni gariin seeraan hidhamuun gariin ammoo hammayyummaan dhugamuun isaan kaan immoo aarsaa fannoon gaafatu sodaachuun irraa goranii

BOQONNAA 6

Fannoo kee Baattadhu

Waldaan akkas jechuun faarsu turan "Gooftaa koo natti dubbadhu, ya gooftaa ko dubbadhu anis dafeen deebii siif deebisaa" — achumaan Waaqayyo in dubbate. Sagaleen Waaqayyoo samii keessaa gara walgayii an keessa jiru kanaatti qaqawweessa'e. sagalechii baay'ee guddaa waan ta'eef miilli koo lafee na raafame. Akkas jedhe, "Gaara kanatti ol ba'i, adda ba'ii of qulleessi" Waaqayyo waan dubbateef, raawwachuun akka narra jirun bare. Qaamni koo atattamaan iddootti deebi'e, anis waldicha keessaa ba'een gara gaarichaatti adeeme. Qaama koon utuun adeemaa jiru, hafuurri koo waldichatti daqiiqaaf nadeebi'e. Guutummaan walgayichaa gara gaarichaatti akka deemun eegan ture. Sagalee guddaa kana namni dhaga'u hin turre. Kana baay'een ajaayibame. Gaaricha jala ga'een ol ilaalee yaa "Gooftaa

gaara kana yaabee, bu'ee galuun yeroo fixuu natti fakkaatan jedhe"Isatu dubbate waan ta'eef ittan fufe. Gara duraa commee ture deebi'ee kattaatti j i j j i i r a m e . O l i n b a ' e w a a n t i i r r a c i i s a n hin turre . Hafuurri koo ammas in sokke . Gaaran irra jirurraa gara iddoon duraan tureen deebi'ee ilaale. Namootni waaldichaa galanii akkaata fedha isaaniiti utuu basha'aniin arge. Kun maaliif jedheen gaafadhe, garuu inni waan dubbateef raawwachuun qaba. Ganamaan yemmuun ka'u baay'ee beela'een of arge. Gaara guddaa kana yaabee garuu waa hin nyaanne. Soomii dirqamaa fakkaata. Hafuura kootiin ammas gara warran biraa dhufeetti deebi'een namoota nyaatanii dhugan, fudhanii heeruman arge. Ammas kun dhuguma Gooftaa barbaachisaadha jedheen gaafadhe. Garuu inni waan dubbateef abbaamamuun koo dirqama. Dhumarratti yemmuun bakka walgayii sanaa ga'etti wantan ittin qophoofnen arge. Kun anaaf qorumsa cimaa ture. Foon koo itti walii naaf galuu dide, "Gooftaa kun ta'uu qabaa,?" dura kootti iddoo aarsaa dhagaa qabbanaa'aan ilaala, cinaa isaatti immoo aalbee ittin qalantu jira. Bakka kanaa utuun dafee adeemen fedha, garuu sagaleen dhaga'ee hamma kana deemee dhufe; guddaa sodaachisaadha. Roomaa 12:1 sammuu kootti dhufe, namummaa keessan aarsaa jiraataa godhaatii Waaqayyoof dhiyeessaa. Kanaafuu, bakka aarsichaa irra ciiseen, aalbechaan of qaluuf ka'e. Akkuman kana godheen Matthew 16:25 yaada kootti

dhufe, namni jireenya isaa oolfachuu yoo barbaade, jireenyi isaa duraa in fudhatama, namni anaaf jedhee jireenya isaa kennu immoo, isa in argata. Achuumaan hafuurri koo raawwatee utuu na keessaa ba'uun arge. Yeroo kana foon koo raawatee waan du'eef; hafuurri koo nattin deebine. Yeroo kana raawwadheen birmadummaa argadhe. Durumaanuu kan nadhisu, kan beelessu….foon kooti malee hafuura koo waan hin taaneef. Dhumarratti birmadummaa waanan argadheef, gaara sana irraa bu'een yaada

Waaqayyoo dhowwaa tokko malee hojjechuu eegale.

Joanna Barratt

Inni lammaffaan bartuun gochuu qabu; fannoo ofii isaa baattachuudha. Sadarkaan jalqabaa of ganuu-biyya lafaa fi akkaataa ittiin keessa jiraannu. Sadarkaan lammaffaan kun garuu ulfaataadha. Keessoo ilaallata. Jireenya dhoksaatis..

Fannoo Sobaa/Dogoggoraa

Wantoota armaan gadii kiristaanonni fannoo jedhanii yemmuu waaman nan ajaayibama.

Dhukkuba kadhataan ykn yaaliidhaan waan fayyamu, namoonni tokkoo tokko "fannoo kooti" jedhu.

Nama hin amanne waliin gaa'ela dhaabbachuu. Tajaajilaan in kadhataf, hiriyaan in kadhataaf jijjiiramni hin jiru. Kanaafuu, fannoo kooti jedhuun fudhatu.

Haala hojii yeroo maraa fannoo natti ta'a. itti gaafatamaan koo kiristaana waanan ta'eef narakkisa. Hojicha jijjiirrachuuf kadhadheera, yookiin itti gaafatamaan koo akka deemuuf kadhadheera, garuu achuma. Kun fannoo kooti. Ittiin na hojjechuufi jedhanii amanuu.

Namni Kamiyyuu ni qorama

Qorumsa itti fufuun yemmuu ilaallu, fakkeenyi nuti caqasnu wantoota alaan numudatan nuti jijjiiramuu isaa barbaannuun wal qabata. Wantootni numudatan gaarii yoota'nis ta'uu baatanis, namni kamiyyuu yeroo ta'etti kan keessa darbuudha. Ergamaan Phaawuloos 1Qor 10:13 irratti, qorumsi nama hundumaa akka mudatu dubbateera. Kanaafuu, wantootni alaan numudatan kun fannoo taanaan, nama hundumaaf tokkuma jedhuudha.

Wanti warra hin amanne irra ga'u, warra amanan irras ni ga'a. Kiristaanni tokko tokko faallaa yaaduun, warra biyya lafaa irraa addatti ilaalamna jedhu. Garuu biyya lafaa keessatti, warri amannes ni qoramna.

Yaalii

Shakkii ta'e in qabaatta yoo ta'e; yaalii kana dalagii ilaali. Maqaa kiristaanota 10 tarreessi. Tiksee kee fi lallabaa wangeelaa baay'ee jaallattu itti dabali. Akkasumas maqaa namoota hin amannee 10 tarreessi. Itti gaafatamaa kee ykn nama maqaa gaarii qabu tokko itti dabali.

Dhugaadhumatti, namoota kanneen jireenya isaanii yoo waliin madaalte; garaa garummaan hin jiru. Wanti warra hin amanne irra ga'u; balaan, dhukkubi garaa garaa kiristaanota irras in ga'a. Galagaltoo waanta fakkaatu garuu, warri hin amanne jireenya gaarii yeroo jiraatan argina. Waanuma hojjetaniin fayyaa fi qabeenya guutuu argatu. Kana hubachuuf, macaafa lallabaa dubbisi. Macaafa kana irraa, dubbii Solomoon dubbate yemmuu ilaallu, fannoon nuti baachuuf addatti diqamnu waanta alaan mul'atu miti.

Fannoo kee Baattadhu

Fannoodha jedhamee hamma ammaatti waan caqasame akka jijjiiramuuf nuti feenu; fannoo akka hin taane waan Yesuus dubbate ilaaluun adda baasuu dandeenya. Fannoo ofii isaa haa baadhatu. Akka jecha Gooftaatti fannoon, kan namni fuudhee ofirra ka'atuudha! Malee kan haalaan ykn osoo hin jaallatin baannu miti.

Mee ofii kee gaafadhu: takkaa fedha keen dhukkubsatteettaa, gadditee beektaa, gaa'ela jeeqamaa hawwiteettaa, bakka hojii hin mijatne feeteettaa? Kun matumaa hin yaadamu! Kanaafuu, wanta alaan dhiibbaa naannoon nurra ga'uun fannoo jechuun sirrii miti. Hin jedhamus.

Hanga ammaattii kallattii hiikoo fannoo isa sirrii hin taane ilaalleerra. Kanaafuu hiikoo fannoo isa sirrii beekuun, bu'a qabeessummaa isaatti amanuun fannoo keenya baachuu qabna.

Fannoo ofii baachuun isa duukaa bu'uu yemmuu dhaga'an Pheexiroosii fi bartoota kaaniif hiikoo akkamii qabaa? Mootiin Roomaa namoota yakka dalagan fannisuun yemmuu fannoo irratti ajjeesu sirriitti beeku. Namootni fannifamanis, fannoo irratti fannifaman kan ofii isaanii battachuun gara iddoo itti ajjeefamanii deemu. Kanaafuu, bartootni nama du'i ittti faradame qofaan akka fannoo baatu in beeku turan.

Fedha ofiittii Du'uu

Namni Dietrich Bonhoeffer jedhamu, kitaaba isaa "Aarsaa Duukabuutummaan Gaafatu" keessatti, "Kiristos yemmuu nama waamu, namichi akka du'uuf isa gaafata/ajaja." Kun waanuma dhugaadha malee, callisamee kan haasa'amu miti. Kanaa alas filannoon kan biroon hin jiru. Yesuus yemmuu dubbatu qaama keenya alaan fannifamuu osoo hin taane, feedha keenyatti raawwanne akka duunus ni dubbata. Phaawuloos Roomaa 6:6 "Namummaan keenya inni moofaan Kiristoosi wajjin fannifameera. Kunis jireenya foon keenyaa isa hamaa nu hojjechisiisu, Addaam irraa nutti darbe jechuu isaati.

Akkasumas Galaatiyaa 5:24, Phaawuloos ija hojii hafuuraa fi foonii wal bira qabee yemmuu dubbatu, warri kan Kiristoos Yesuus ta'an immoo yaada foonii, hawwa isaa, fedha isaas fannisaniiru.

Kutaa macaafa qulqulluu lameen armaan olii irraa akka ilaallutti; kan fannifamu ykn du'u amala

jireenya keessoo keenyaati malee ala keenya miti. Kanaafuu fannoo ofii baattachuun of ganuu irraa adda. Of ganuun waan alaan argamu dhiisuudha. Fannoo ofii baattachuun garuu keessoo ofiin kan walqabatuudha.

Kiristoosii wajjin Fannifamuu

Kiristaanonni amala keessoo offiittii du'uun Kiristoosii wajiin fannifamuu ta'uu isaa yoo amanan, jireenyi isaanii jireenyaa haaraa akka ta'e beekuu qabu. Jireenyi du'aa ka'uu Kiristoos foon keenya isa du'u keessaan mul'achuun isaa, fedha keessoo keenyaattii du'uun mo'icha guddaa nuuf kennisiisa. Kana waan hubateef Phaawuloos Galaatiyaa 2:20 irratti akkas jedhe, "Egaa sii'achi Kiristoos isa nakeessaatu jiraata malee, anatu jiraata miti; ....."

.

Yeroon fedha ofii kootti du'u qofaa Yesuus na keessa jiraata. Namni jireenya namummaa fooniin jireenya hafuuraa hin jiraatu. Warra of agarsiisan qofaatu fakkeessuu danda'a. Kiristoos qofaatu akka nuti isaaf jiraannuuf nu keessa taa'uun nugargaara. Yoo waa'ee ofii keenyyaatti dune, isatu jireenya keenya isa du'e keessaan jiraata. Phaawuloos kana booddee ilma Waaqayyootti amaneen jiraadha jedhe malee amantii ofii kootiin hin jenne. Sababiin isaa ofii isaa du'eera waan ta'eef lammaffaa ofii isaaf jiraachuu hin danda'u. Amanti isan kan Kiristoosiin jiraachuu jechuu isaati

Jiraachuu Jireenyaan Jijjiiruu

Fannoo ofii baattachuun, jireenya foonii isa dhokataa keessoo keenyaattii du'uudha. Fedhaa fi yaada garaa keenyaattii du'uudha malee ala keenyaan waan walqabatu hin qabu. Akka macaafa qulqulluutti,''yaadi" sammuu keenyaan kan yaadnu yemmuu ta'u, "garaan" garuu gadi fagoo keessoo yaada keenyaati.

Maal akka yaanne beekuu dandeenya, garuu maaliif akka yaadnu hin beeknu. Yaada keessan haareffadhaa jedha malee, garaa keessan hin jedhu. Daawwit, Waaqayyo keessa garaa isaa fonqolchee akka isa qoruuf kadhateera. Ermiyaas 17:9, "Garaan namaa waan hundumaa irra jal'aadha, namnis isa qajeelchuu hin danda'u...

Fedha ofii fannisuu karaa sadiin dhiyeessuuf yaaleera. Inni jalqabaa fedhaa fi hawwii biyya lafaa baqachuudha. Wantoota nu qoruu danda'an muraasa dhiisuun of qabuu dandeenya. Garuu kun keessoo garaa keenyaa isa dhokataa kan ilaallatu miti.

Gadaamii keessa Jiraachuun fedha foon keenya hin ajjeefnu

Jireenyi gadaamii fakkeenya isa ol'aanaa namoonni fedha foon isaanii ajjeesuuf jiraataniidha. Garuu fedhi foonii waan alaan mul'atu utuu hin taane, keessoo keenyaani. Wanta alaan mul'atu yoo dhiisnee baqanne, garuu yaada namummaa keenyaa jalaa bqachuu hin

dandeenyu. Kanaafuu, jireenyi gadaamii waa'ee kan baasu miti. Wanti kan biroon nuti ittii du'uu qabnu; kabajaa ofii, maqaa ofii, faayidaa ofii k.k.f

Yesuus waan faallaa dubbate: of dhiisuu. ,Ofittummaan gadheedha; nama balleessa. Ofittummaan of bokoksuu fi faallaa yaada Waaqayyoo deemuudha. Of dhiisuun yoo cime iyyuu, Waaqayyo jireenya namummaa fooniin hin ulfaatu. Amalli faallaan lama, waliin hin jiraatu.

Loojikii marfataa

Wanta loojikaawaa fakkaata garuu akkan amanutti balaa hamaa natti fakkaata. Mee nan ibsa. Macaafi qulqulluun akka jedhutti, of jaallachuun faallaa yaada Waaqayyooti. Sababiin isaa ofis jaallachaa Waaqayyoon jaallachuu waan hin dandeenyeef. Namoonni ofii koo jibbeera yemmuu jedhan, of gowwoomsuu isaaniiti. Utuu of jibbaniiru ta'ee silaa hiyyummaa isaaniitti gammadu turan. Kanaafuu, garaan isaanii fi dubbiin isaanii faallaadha. Yesuus garuu of dhiisaa jedhe malee of jibbaa hin jenne. Phaawuloos Efesoon 5:29, namni foon isaa in soora, in dhimmaaf malee, takkaa foon isaa jibbee hin beeku; Kristoos waldaadhaaf akkasuma godhe.

Of fannisuun hin Dandaa'amu

Namni gaariin waanti dhokataan keessoo isaa yoo bakkeetti baafame gammadu waan jiru miti. Kanaafuu

of fannisuun hin dandaa'amu. Of fannisuun kunis lubbuu ofii baasuu miti. Yooma illee of fannisuuf fedha qabaatte, nama si fannisee bismaaraan fannootti harka kee lamaan rukutu sibarbaachisa. Akkuma alaan fannifamuuf nama biroo nu barbaachisu, fedha keessoo keenya illee ofii keenyaan ajjeesuu hin dandeenyu. Namoonni keessoo isaanii ofiin of jijjiiruuf dhama'an; qajeelummaa hojii isaaniin argachuuf dhimmu. Alaan waan nurratti ta'uun akkaataan jijjiirama keessoo keenyaas waan wal fakkaatu qaba.

Egaa fedha keenya irraa ofiin of ajjeesuu ergi hin dandeennyee – Waaqayyotu isa kana irraa nu fura jechuudha. Hojii Waaqayyootiin ta'a malee, hojii keenyaan miti.

Waanti nuti ofii keenyaan godhannu kamiyyuu gara ofii keenya jajachuutti nu geessa. Kanaafuu qajeelummaan nuti ofii keenyaan argannu tokko illee hin jiru.

Jireenya dhokataa – Keessoo keenya

Fedha yoo qabaannee fi gadi of deebisuun Waaqayyotti yoo dhiyaanne; Waaqayyo ofii isaatii keessoo keenya jijjiiree nu qulqulleessa. Yesuus keessa keenya yoo jiraate qofaa akka isaa ta'uu dandeenya. Kanaa ala waanti nuti ofii keenyaan goonu hundumtuu fakkeessuu fi of gowwoomsuu qofaadha. Waannti hubatamuu qabu, najijjiiri jennee afaan qofaan Waaqayyoon gaafachuun keessi keenya hin jijjiiramu. Gooftaatiif abboomamuun akka

sagaleesatti waan dhageenyu raawwachuun dirqama. Abboommiin isaas wanta salphaadha. Kanaafuu, raawwachuu ni dandeenya.

Deebii rakkoo jireenya dhokataa keessoo keenyaaf kan ta'u- jireenya dhokataa bartuun qabuudha jedheen amana. Maatiwoos 6 irratti Yesuus Jesus, wantoota dhoksaatti nuti goonu sadii dubbate. Sababiin nuti isaan kana goonuuf; keessoo keenya Waaqayyotti argisiisuu fi ofii keenyaas araguufi. Garuu namootatti of mul'isuuf miti.

Fannoon kan nuti ofiin fuunee baannuudha malee, kan namni biroon nurra kaa'u mit. Kana yaadachuu qabna. Jireenya keessoo dhokataa kanas haala kanaan ilaaluu qabna. Luqaas yeroo hundumaa baachuu qabna jedhe. Qulqullummaan gochaa ykn amantii miti; adeemsa jireenyaati. Garaa gabaabaan nuti ittiin qulqulloofnu hin jiru. Muuxannoo fi qormaati nuti keessa dabarru adeemsa qullaa'uu keessaa tokko. Phaawuloos 2 xemixiwoos 3:12 irratti, Akkasumsa karaa Kristoos nama Waaqayyoo ta'ee jiraachuu kan hawwu hundinuu ari'atamuuf jira.

Ibiroota 2:10, ...isa fayyina isaaniitiif sababii ta'eef sana, dhiphinaan geggeessaa waan hundumaa fiixaan baasu gochuun hojii isaa ture. The captain of our salvation was perfected through sufferings. Kiristaanni karaama isatti tole qofaanin jijjiiramuu danda'a jedhee yaaduun jaamummaadha. Eebbifamuun sammuu namaa dhiitessa malee laphee namaa hin jijjiiru. Fiixa ba'uun baayyee nama hin jijjiiru.

Hafuuraan Deeddeebi'uu

Akkan hubadhetti, Waaqayyoo wajjiin jiraachuun, abboommii Gooftaa eeguu fi dhoksaa jireenya bartuu qabaachuun; jireenya moofaa isa Addaam irraa dhaalame sanaan guyyaa hundaa wal'aansoo qabuudha.

Dubbi ergamaa Phaawuloos warra Galaatiyaaf caafeen mee kutaa kana nan goloba. Galaatiyaa 5:16, Ani garuu hafuuraan geggeeffamaa jiraadhaa malee, fedha foonii hin raawwatinaa nan jedha. Kiristaanni fedha foonii hin raawwatu hin jedhu, hafuuraan deddeebi'aa yoos akka fedha hafuuraatti jiraattu jedha. Kana jechuun jireeny Addaam kun raawwatee badeera jechuu miti. Garuu hafuuran yoo deddeebine mo'icha irratti qabaanna jechuu isaati. Kunis jireenya haaraa-isa kan Kiristoos qabaanna. Karaan tokkichi nuti ittiin kana goonus, Waaqayyo keessoo keenya akka ajjeesu ykn jijjiiruuf yoo of kennine qofa.

BOQONNAA 7

Na Duukaa Bu'aa

Bartoota isaa warra ta'uu fedhaniin, ajaji xumuraaa fi sadaffaan Yesuus abboome "na Duukaa Bu'aa" dha. Duukaa bu'uun akka yaada namootaatti jalqaba akka ta'e ilaalleerra. Garuu sirrii miti. Duukaa bu'uun sadarkaa sadaffaa qajeelfamoota lameen hordofuun ta'uudha.

Bu'uura Raawwii Duuka buutummaa

Karaan ittiin duuka buutuu ta'an kana qofa. Namni Yesuusiin duukaa bu'eera jedhee; garuu ofii isaa hin dhiifnee fi fannoo isaa hin baattanne of gowwoomsa. Dargaggeessichi gowwaan fakkaanya gaarii nuuf ta'a. Hamma Yesuus isa saaxileettti yaada Waaqayyoon rawwachaa jira jedhee of gowwoomsaa ture. Gadduun nyaara guuree karaa isaa itti fufe, sababiin isaa aarsaa bartuu ta'uun gaafatu kaffaluu waan hin barbaanneef.

Tartiiba Dogoggoraa

Namoonni amanuun humna hafuura qulqulluun guutamanii, hojii seexanaa diiguun tartiiba sirrii gochuun fudhatu. Waa'ee ofii isaanii ganuu fi fannoo isaanii baattachuu yaada keessaa hin qaban. Ayyaana seexana baasuu qabaachuu danda'u; haata'u malee tartiiba sirrii miti.

Mucaan koo waggaa shanii dandeettii muummecha ministeeraa ta'uu qabaachuu ni danda'a. Garuu amma ga'umsa bakkicha hogganuu hin qabu. Bilchinaa fi guddinatu isa hafa. Akkasumas kiristaanonni lammaffaa dhalachuu qofaan waan ga'ooman itti fakkaata. Bilchinni ykn ga'oomuun salphaatti osoo hin taane yeroo eegee muuxannoo irraa argama.

Kennaa Ija-maleessa

Qoronxoos 12:7 irratti Phaawuloos keennaan hafuura qulqulluu salgan ija hafuuraa kan mul'isan akka ta'e dubbata. Kan argamanii fi qabatamaadha jechuudha. Kennaan fayyisuu, keessa sammuu qofaan osoo hin taane alaan qaama namaa irratti mul'achuu qaba. Kennaan hafuurri qulqulluun kennu hundumtuu humna Waaqayyoo mul'isu.

Akkasumas Galaatiyaa 5:22-23 ija hojii hafuuraa argina. Amaloota sagaltu asirraa argina. Garuu isaan kun hundumtuu kan argaman ta'uu dhiisu. Namni amala Waaqayyoo osoo hin qabaatin humna Waaqayyoo qabaachuu ni danda'aa? Karaa biroon

immoo; namni ija hafuuraa hin qabne kennaa hafuuraa qabaa? Gaaffiilee lameen deebiin 100% eeyyeedha!

Namoonni ija ykn amala Waaqayyoo hin qabne hojii aangoo hojjechuu danda'u. Yesuus ofii isaatii Maatewoos 7:22 dubbateera. Guyyaa isa dhumaa sanattti namoonni baay'een, yaa gooftaa yaa gooftaa nuti maqaa keetiin.....hojii aangoos hojjenneerra mitii?

Mootummaa Waaqayyootti galuuf mirga isaanii falmataa jiru. Deebiin gooftaa maal turee? Hojii isaan hojjetan hin mormine garuu; ani isin hin beeku jedheen. Isa waliin hin turre. Ijoollee isaa miti. Akka warra fariisotaa kan abbaa isaanii Seexanaati. Kan Seexanaa ta'anii maqaa Yesuusiin hojii aangoo hojjechuun ni dandaa'ama.

Waaqayyo – Abbaa aangoo hundumaa

Hubannoo keenya caalaatti gabbisuuf mee gaaffii kana haa ilaallu.

Seexanni ofiin of uumeey? Waawuu! Kanaafuu, humna ofii isaa hin qabu. Samii kanaa gadi Waaqayyo qofaatu humna qabeessa. Kana amanuus dhiisuus dandeenya; garuu Waaqayyo qofaatu aango qabeessa. 1 Qor 13, Phaawuloos kennaa hafuuraa fi ija wal bira qabuun yemmuu dubbatu; lakk 2 irratti, ...Jaalala yoon qabaachuudhaa baadhe ANI HOMAA MITI. jedha. Amalli isaa nurraa hin argamu taanaan Waaqayyo beekamtii nuuf hin keenu. Seexanaaf Waaqayyotu humna murtaa'aa kenneef.

Yesuus waa'ee raajota sobduu Maatewoos 7:20 irratti; ija hojii isaaniitiin isaan beektu jedhe malee kennaa isaaniitiin hin jenne.

Warra kennaa qaban garuu ija gaarii hin qabneen; yeyii raroo hoolaa uffatan ittiin jedhe. Isaan kana hubachuun ulfaataadha.

Hojii Seexanaa

Diinni keenya seexanni gowwaa miti, hamma amala Kiristoos irratti argitanitti nama maqaa Yesuus waamuun hin gowwoominaa. Seexannii maqaa Waaqayyoo arrabsiisuuf, maqaa Yesuus waamuun hojjeta. Garuu namoota hojii isaatti wall hin galle ni sodaata. Yeroo ammaa kennaa ayyaanaa garaa garaatiin seexana baasuuf, hojii hafuuraas hojjechuuf itti iyyaa oolla. Garuu abboota bara jalqabaa kennaa adda ba'e tokko malee namoota gara mootummaa Waaqayyootti deebisan yaadaan qabuu qabna Akkasitti dubbachuun koo hojii Hafuura qulqulluun mormuu kootii?

Baay'een itti amana, har'as nu barbaachisu. Garuu keennaan hafuuraa ija hafuuraa hin argamsiisan. Humana Waaqayyoo qofaa mul'isu. Hundechatti qabamuu qofaatu ija qabeessa taassisa. Hawaasni keenya bartuu irra guddeessa barbaada malee, duuka buutuu miti. Lallabdoota utuu hin taane namoota Waaqayyoo qulqullummaan barsiisan barbaada.

Haala Haaromsa Hafuuraa

2 Seenaa 7:14 irraa haaromsa hafuuraaf wantoota barbaachisoo afur argina. Isaan keessaa tokko illee hafuura hamaan loluun kan wal qabatu hin jiru. Waaqayyo isa hundumaaf murtee kennutu dubbata. Sabni koo warri dhuunfaa koo ta'an, kun gadi of deebisanii ana barbaaddatanii, karaa isaanii isa hamaa irraa deebi'anii, yoo na kadhata....biyya isaaniis nan fayyisa.

Hojii ergamootaa 19: 13-16 yoo dubbifne, yaalii seexana baasuu ilmaan Iskoyaas argina. Maqaa sirrii itti waamaniiru, garuu ofii isaanii miidhaman. Seexanichi ani isin hin beeku ittiin jedhe. Yesuusis akkasuma warra maqaa isaan hojii gara garaa hojjetaniin ani isin hin beeku jedhe. Lamaan isaanii iyyuu jecha tokko- ani isin hin beekuu gargaaraman. Lamaan isaanii iyyuu- amala Kiristoos qofaa barbaadu jechuudha.

BOQONNAA 8

Musee

Tartiibi sadeen bu'uuraa gooftaan bartuu ta'uuf nuuf kenne kan kakuu haaraa gofa keessatti mul'ate miti. Nama waaqayyoo ta'uu fii jireenya qulqullummaatti jiraachuun kan guutummaa macaafa qulqulluuti. Fakkeenyota armaan gadii kakuu moofaa fi haaraa keessatti; Waaqayyo namoota amanee utuu hojii isaaf adda hin basin sadarkaa sadeen: of ganuu (biyya lafaa dhiisuu) , fannoo ofii baattachuu (fedha foon ofii dhiisuu) fi Yesuusiin duukaa bu'uu(Seexana injifachuu) keessaa dabarsuun isaan waama.

Gibxii Ba'uu

Museen biyya Gibxii biyya guddoo keessatti, mucaa Fara'oon ta'ee barsiifamee guddate. Akka beektonni macaafaa irratti walii galanitti; Gibxi biyya lafaatti fakkeeffamti. Museenis biyya lafaa kana keessatti

beekaa fi nama ga'oomaa ta'ee guddate. Tuttuqqaan haata'u, waa'ee qomoo isaaf namichi Gabxii sana ajjeesuun isaa amala Addaam argisiisa. Kunis furmaata bu'uuraa hin taaneef. Haalli akkasii itti fufee saba isaa irra ga'aa ture. Garuu Waaqayyo saba isaaf akeeka guddaa qaba. Museen karaanni ittiin oolu faleef.

Kaayyoo/Galma

Akkan amanutti, namni Waaqayyo akeeka isa irraa qabu kamiyyuu; kan itti dhagaa'amu kaayyoo of keessaa qaba. Museen gaaf tokko akka sabasana baasu ni yaada jedheen tilmaama. Haata'u malee; ofii kee biyya lafaa keessaa utuu hin ba'in namoota biyya lafaa keessaa hin baaftu. Namichi Toomas jedhamu kitaaba isaa " Kiritoosiin Fakkaachuu" jedhu keessatti akkas jedhe, "bakka ofii kee ga'uu hin dandeenyeen nama biroo geessisuu hin dandeessu." Kanaafuu dursa Museen Gibxii ba'uu qaba. Museen Gibxii ergi baqatee ba'ee, sadarkaa lammaffaa jireenya hafuuraa leenjii itti fufuu eegale. Gara lafa onaa deemee waggaa 40'f hoolaa tikse. Kun akka nama Gibxiitti qaniidha. Jireenya hammas ga'u dhiisee gadi bu'e.

Waamamuu Musee

Waaqayyo yemmuu Musee waame, Museen arrabi koo didaadha haasa'uu hin danda'u jedhee morme. Kun dhaloota irraa qabeetii? Macaafni akkas hin jedhu. Far'ooniin sodaateetii? Amantii dhabeetii?

Nattin fakkaatu. Akkan yaadutti, Museen amma ofii isaa sirriitti waan hubateedha. Kanaaf ofii isaa irratti amantaa dhabeera. Kun waan sirriidha, Waaqayyoon qofaa irratti of gatuu isaa mul'isa. John Wesley hiikoo gadi of deebisuu "madaallii ofii sirriitti beekuudha" jedha. Waaqayyoon keessatti humna godhachuudha. Lafa onaa keessatti Museen isa kana shaakaleera.

Waggoota 40'f lafa onaa keessa hoolaa tiksuun, raawwatee Museen beekumsaa fi jabina ofii isaa keessaa ba'uun gad of deebisee akka jiraatuuf isaa gargaareera. Waaqayyo kanaaf nama akka Musee gadi of deebisu irra lafaa irra hin jiru jedhe.

Museen amma Waaqayyoof mijateera, Waaqayyos isatti gargaaramuuf qophaa'eera. Amma sadarkaa isa xumuraa- hojii seexanaa diiguu irra ga'eera. Amma gara biyya keessaa ba'eetti deebi'uun saba Waaqayyoo bilisa baasuu danda'a. Humna Waaqayyootiin geggeeffamee, ulee tokkoon guutummaa loltootaa fi biyya gibxii barbadeessuun saba isaa baase. Kun dinqqiidha!

Bilisa Baasuu

Biyya keenya wanta qabe keessaa baasuuf waggaa 40 nutti fudhachuun barbaachisaa mitii? Shakkii hin qabu. Garuu hawaasa amma eebbifamee booddee gatii baasuu barbaadu keessa jirra. Kun immoo faallaa yaada Waaqayyooti. Uumamni hundinuu seerota Waaqayyoo dubbatu. Du'uun du'aa ka'uu dursa. Halkanni guyyaa dursa. Garuu kiristaanni bara ammaa maaliif seeraa uumamaa hin kabajuu?

Museen Waaqayyotti dubbachuun ykn kadhachuun nama fakkeenya guddaa ta'uudha. Ba'uu 32 yoo dubbisne, Waaqayyoof saba isaa gidduu dhaabatee dheekkamsa saba irra dabarseera. Yeroo tokkoo fi isaa ol Waaqayyo isa dheekkamuuf ka'e akka dhiisuuf Waaqayyoon kadhateera.

Museen akkasittiin Waaqayyotti dhiyaachuun icitiin isaa maalii? Museen nama Waaqayyoof mijatu waan ta'eef, fuulaa fi fuulaan Waaqayyo isatti dubbata. Kiristaanonni eebba Waaqayyoo barbaaduun hammacamu malee fuula Waaqayyoo hin barbaaddatan. Waaqayyo nama biyya lafaa dhiisee, amala isaatti of guddisetti ni dubbata. Waaqayyo Abrahaamitti, Daani'eelittis dubbateera.

'jilbeeffachuun sagaleen kadhachuu qofaa
miti Yaadnii fi keessi keenya kadhata
keenyatti walii galuu qaba.

BOQONNAA 9

Daani'el

Bara sana ani Daani'el turban sadiif gaddaan ture; turban sadii hundumaa guutuutti ani nyaata fo'amaa hin nyaanne…., kana booddee inni "Yaa Daani'eel hin sodaatin! Guyyaa ati kana hubachuu irra, Waaqayyo durattis gadi of deebisuu irra yaada kee keesse sanaa jalqabee dubbiin kee dhagaa'ameera….

Daani'el 10:2-3, 12-13

Akkataa Yesuus barsiise, sadarkaa sadeeen keessa darbuun namni adda baafame tokko Daani'eeli. Daani'el sanyii mootota keessaa nama fo'ame, garuu biyya Baabiloonitti kan geeffameedha. Gibxiin biyya lafaa nuti keessaa baanutti yemmuu fakkeeffamtu, Baabiloon ammoo ergi waamanee booda biyya nuti itti geeffamnutti fakkeeffamti. Asiti saba Waaqayyoo biyya

boojuutti argina. Waaqayyo achuma nagaan jiraadhaa utuu jedhuu argina. (Raajii Ermiyaas 29:4-7)

Qajeelfamni gooftaas kanuma. Warra biyya bulchaniif abboomamaa jedha. Garuu ittiin wal hin maknu.

Baabiloonitti

Daani'elii fi hiriyoonni isaa biyya Baabiloonitti ergi geeffamanii, achumatti jireenya isaaniin adda ba'uun jiraachuu murteeffatan. Nyaata mootii akka hin nyaanne murteeffatan. Nyaatichi gaarii fi bareedaa ture, garuu akka seera Museetti nyaata xura'aa booyyeefaa nyaachuun dhorkaadha. Garuu nyaata sdalphaa ajajatan. Kunis fedha ofii dhiisuun Waaqayyoon soomanii kadhachuufi.

Ergaa Ifaa ta'e

Ergaa dhugaa fi ifaa ta'e tokko kana irraa ni arganna. Yesuus gaafa deebi'ee dhufu isaa wajjin moonee jiraachuuf jirra, hanga sanatti garuu biyya lafaa kana keessatti keessummaa fi kara deemtota taanee jiraanna. Kara deemaan mootii ta'ee hin jiraatu, mootiinis akka kara deemaatti hin jiraatu. Daani'eel sadarkaa lammaffaa(fedha ofii fannisuu) raawwateera; macaafni yeroo hundumaa akka inni soomu dubbata. Jireenya moofaa irratti mo'icha argachuuf soomuun baay'ee barbaachisaadha.

Lallaba gaara gubbaa keessaa inni dhoksaatti raawwatamu tokko soomanii kadhachuudha. Mat 6:1-18

Kadhannaa Dhugaa

Sadarkaa lameen keessa darbuun Daani'eel bu'aa maal buusee? Mul'ataa fi humna kadhataa Waaqayyoon biraa argamsiise. Ergamaan Gabiri'eel jedhamuu sagalee nama jaallatamaa ta'uu isaa dhugaa ba'u Waaqayyoon biraa fide. Kadhannaan Daani'eel, namoonni kakuu gara biyya abdiitti akka deebi'aniif gargaareera. Kana gochuu isaatiin Daani'eel- hojii Seexanaa kan Mootii Nebukadnezaar isa mormituu Kiristoos diigeera. Daani'eel miti kan lolicha loel. Gadi of deebisuu isaatiin Waaqayyoon waan kadhateef lolichi ergamoota waaqarraatiin samii keessatti ergamaa Mikaa'elii fi mootummaa Faares waliin geggeeffame. Lolichi kan Waaqayyoo ture.

BOQONNAA 10

Yesuus

> Egaa abbaan keessan inni waaqa irraa mudaa malee akkuma ta'e, isinis warra mudaa hin qabne ta'aa!
>
> Maatewoos 5:48

Yesuusiin asitti fakkenya fudhachuun koo keessummaa ta'uu mala, garuu Yesuus maaliif sadarkaa ilaalamuu garaa garaa keessa taree? Inni garuu mudaa kan hin qabnee fi qulqulluudha.

Kana hubachuuf, mudaa maleessa ta'uu fi gara guutuu ta'uutti guddachuun garaa gara ta'uusaa beekuu qabna. Phaawuloos gara Ibirootaatti yemmuu barreesse Ibroota 5:8, Utuuma ilma Waaqayyoo ta'ee jiruu immoo, dhiphina isatti dhufe hundumaa keessa abboomamuu bare. Yesuus akka cubbuu hin qabne beekna, garuu gara guutuummaatti dhufuun isaa

cubbuun walin qabatu. Kun jireenya hafuuraa isaan gara fiixa ba'uu isaa qofaa ilaala. Kanaafuu, Yesuus yeoo fiixa ba'aa nuun jedhu, cubbuun walin qabatu, garuu bilchinaa fi guddina hafuuraa ilaallata.

Gibxiin Keessaa Waamu

Matatewoos 2:14-15 Yesuus maatii isaatiin gara biyya Gibxiitti geeffame, raajicha Hooseen akka dubbatametti (11:1) haa raawwatamuuf ta'e. gibxiidhaa ilam koo waameera, Gibxi biyya lafaatti waan fakkeeffamtuuf ;raajummaan kun nama Waaqayyo waamu hundumaaf ta'a.

Hamma tajaajila isaa mul'inatti jalqabeetti, Yesuusiin ilma muka sooftichaa jedhanii waamu turan. Lallabaa fi hojii aangoo yemmuu hojjechuu eegaletti, hin maraate ittiin jedha. (Marq 3:21).

Jireenya Haaraa

Kiristaanonni akkaataa jireenya koo irratti gaaffii kaasu, garuu, nan mormuun nan amansiisan. Jireenyi keenya alaan mul'atu yeroo baay'e barumsa keenya caalaa gaaffii kaasa. Yesuus yeroo tajaajila jalqabetti, hundumaa dhiisee jireenya amantii jiraachuu eegale. Ergi tajaajila eegale hojii hojjeteera kan jedhu caafamee hin jiru. Luqaas 12:13-14 dubbisi. Yesuus namoota gidduutti abbaa firdii ofin goone.

Barsiisii fi jireenyi isaa dhugaa fi qabatamaa ture. Kiristaanonni bara ammaa biyya lafaa kana keessa

akka ormaatti osoo itti hin makamin jiraatan dhuga baatii guddaadha.

Yesuus lafa onaa Keessatti

Yesuus aarsaa akka baafnu yemuu nutti dubbatu, ofii isaa basuun gatii isaa waan beekuufi. Yesuus lafa onaatti qoramuun maaliif barbaachisee? Sababiin isaa namummaa Addaam isa kufaatiin duraa waan qabuuf. Fedha ofiitiin cubbuutti kufuun jira. osoo fedha kana hin qabu ta'ee kadhannaan Getsamanee hin barbaachisu ture. Gaaffiin seexanas foon isaa kana qoruu ture. Biyya lafaa fi mootummaa isaa yoo naaf sagadde siifan kenna jedhee gaafate seexanni. Waaqayyoon dhiisi ana qofaaf sagadi hin jenneen, lamaan isaaniif yoo sagadameef seexanni dhimma isaa miti. Waaqayyo qofaatu kophaa isaa waaqeffatama.

Mul'ata 5:12 Yesuus abboomamaa ta'uun hamma fannootti ergi of kennee booda maal akka isaaf ta'e dubbata. Wantoota biyya lafaa keessaa nama hawwatan siifan kenna jechuun isa qore. Garuu Yesuusiif waaqeffamuun, aangoon, sagadi, kabajamuun.... isaaf mala. Durumaanu kan isaa ture. Seexanni garuu dogoggorsuuf yaadeeti. Akka yaada isaatti, fannifamuu dhiisuun, Kiristoos isa mormituu akka ta'uuf ture.

Dafqa dhiigaa

Utuu hin dhiphati kaayyoo dhufeef sana raawwachuun Yesuusiif qormumsa ulfaataa ture.

Dhiphinaa fi yaaddoon isaa hammam akka ta'e yoo siifin galle irra deebiin Luqaas 22: 41-44 dubbisi. Yeroo sadiif kadhateera. Lolli lafa onaa kun isa Museen loleen tokkuma. Waggaa 40 ergi xumuree booddee Waaqayyo Museedhan nama garraamii jedheen. Yesuus immoo guyyaa 40tti qorumsa foon isaa mo'ate. Lamaan isaanii utuu tajaajila hin eegalin qoramanii darban.

Tajaajilaa ta'uuf miti

Anii fi ati , battala tokkoof utuu qoramnee hin Ilaalmni yoo tajaajilatti baane maal sitti fakkaataa? Akkka feeteedhumaan utuu Waaqayyo nun ilaalin tajaajilatti ba'uun sirrii miti. Yeroo ammaa tajaajiltootni hedduun akka fedha foon isaaniiti kan jiraatan tajaajilaaf bobbaa'anii jiru. Baay'een isaanii ofittoo fi kalafatoodha. Kanaafuu salphaatti yaada seexanaan oofamanii hojii mootummaa Waaqayyoo gufachiisu.

Tajaajila dhugaa

Yesuus tartiiba lameen keessa darbuun sadarkaa isa xumuraa- tajaajilasaa golobe. Innis hojii Seexanaa diiguu ture. Yesuus fedha ofii isaa osoo hin taane jaalala abbaa isaa raawwachuuf of kenne. Cuuphamuun awwaalamee (jireenya moofaa Addaam) awwaaluun hojii isaa jalqabe.

Yohaannis 5:19 irratti akkas jedhe, Dhuguman isinitti hima, ilmi ofuma isaatiin homaa gochuu hin

danda'u, isa abbaan isaa hojjetu ilaalee in hojjeta; isuma abbaan hojjetu ilmis immoo akkuma kanatti in hojjeta.

Yesuus hojii seexanaa diiguu eegale. Dhukkubsataa fayyisuu, warra beela'an nyaachisuu... yesuus homaa tokko illee of mul'isuuf hin goone. Ulfina abbaa isaa mul'isuuf malee.

KUTAA 3
Furtuu

Ergasii bartootni Yesuusitti dhiyaatanii, “Maaliif fakkeenyaan isaanitti dubbattaa?” jedhanii isa gaafatan. Yesuus immoo deebisee, “dhoksaa mootummaa waaqaa beekuun isiniif kennameera”; isaaniif garuu hin kennamne. Isa fudhatee waa qabuuf hamma isa irraa hafutti, itti dabalamee in kennamaaf, kan hin qabne garuu innumti inni qabuyyuu irraa fudhatama. Isaan uttuma ilaalanii hin argan, utuuma dhaggeeffatanii hin dhagaa’an, hin hubatanis kanaafan fakkeenyaan isaanitti dubbadhe Egaa raajiin, Isayaas dubbate isaanitti raawwatameera; Inni, Dhaga‘uu in dhageessu garuu hin hubattan; Ilaaluu in ilaaltu garuu, hin argitan. Yaadi garaa saba kanaa hadoodeera‘o;gurra isaanii cuqqaalaniiru,ija isaanis dunuunfachiisaniiru. Silaa‘oo, ija isaaniitiin in argu, gurra isaaniitiin in dhaga‘u turan; yaada garaa isaaniitiin in hubatu, gara koottis in

deebi‘u turan, anis isaan nan fayyisan ture…….
Maatewoos 13:10-16

BOQONNAA 11

Akeeka Waaqayyoo

Aarsaa bartuu ta’uun gaafatu yemmuu ilaalle, inni dursaa of ganuu akka biyyi lafaa itti yaadduu fi jiraattu irraa adda ba’uudha. Wantoota kana ofii keenyaa raawwanna malee, Waaqayyoon miti kan nuuf raawwatu. Tv ilaaluutu rakkoo nutti fide taanaan cufuu ykn mana keessaa baasun ga’ee keenya. Ergamaan gara mana kootii dhufee kana nan gargaaru. Luqqisa macaafa keessaa qofaa dubbisuun, biyyi lafaa kankoo miti jechuun ga’aa miti. Dhugaadhumatti orma taanee jiraachuu qaban.

Aarsaan inni lammaffaan, fannoo ofii baattachuu-jireenya isa moofaa fannisuudha. Isa kana immoo ofii keenyaa of keessatti ajjeesuu hin dandeenyu. Keessoo garaa keenyaa waan ta’eef, garaa keenya beekuu akka hin dandeenye ilaalleerra. Kanaafuu Waaqayyo isa keessa garaa keenyaa beekutu nu gargaara. Isa kanaaf immoo abboomamoo ta’uun argamu qabna.

Adeemsa karaa-lamaa

Adeemsa fiixa ba'umsaa ykn qulqullaa'uu fi ga'ee keenya utuu hin ilaaalin dura, adeemsichi karaa lama ta'uusaa beekuu qabna. Waaqayyos nu qulleessuu keessatti ga'ee caalu qaba. Namni gaafa amanee fayyu, Waaqayyoon duratti qajeelaa ta'a. Kun immoo qulqullaa'eera jechuu miti. Garuu gatii cubbuu isa darbe, isa ammaa fi isa gara duraa irraa bilisa ba'eera. Amantii fannoo fi du'aa ka'uu Kristoositi qabaannu isa kanaaf nu gargaara jechuudha.

Efesoon 1:4 Waaqayyo ofii isaatii akka adda nu baase dubbata: Inni uumamuu biyya lafaa dura iyyuu warra qulqullaa'an, warra isa duratti mudaa hin qabne akka taanuuf, jaalalaan karaa Kristoos nu fo'ateera. Akkasumas 1 Phexiros 1:15-16 irraa, Inni isin waame qulqulluu akkuma ta'e, isinis adeemsa keessan hundumaan qulqulloota ta'aa! Asitti Waaqayyo akka qulqulloofnuuf nu gaafata. Kunis biyya lafaa irraa akka adda of baafnuudha. Kiristoos jireenya keenya kessatti raawwatee mo'uudha, kunis immoo adeemsaan ta'a malee battala tokkotti miti. Kiristaanonni tokko tokko alaan yoomallee sirratan, keessa isaanitiin rakkoo ni qabaatu. Kanas gooftaa qofaatu arga. Ammayyuu in aaru, fedha foonii raawwachuuf hawwu, of jaju, ofittoodha,..... garuu alaan gaariidha. Ani waggoota 20 mootaaf akkasan ture.

Wantoota rakkoo ta'an kanneen keessaa kan nama gammachiisu tokko illee hin jiru. Furmaati maaliree? Akeeka Waaqayyo nuuf qabuu fi karaa inni ittiin nu qulleessu beekuun furmata.

Akeeki Waaqayyoo maali?

Kufaatii Addaam irraa kaasee akeeki Waaqayyo ilmaan namootaaf qabu, amala ykn eenyummaa nama kufee deebisuudha. Kakuu moofaa waamamuu Abrahaamiii jalqabee hanga ammaatti garee xiqqoo kaasee- eenyummaa/amala isaa guddaa mul'isuuf hojjetaa jira. Yeroo garee xiqqoo dhageessu waldaan bara ammaa hin fudhattu, akkaataa amala biyya lafaa waan fudhatteef ittin tolu. Baay'inatti amanti. Beeksisni akka jedhutti, "Harmooliin miliyoonni akkamiin dogoggoruu? Kun akka carraa salphaadha! Mee gooftaan Maatewos 7:13-14 irratti bartoota isaan akkas jedhe, karaa isa dhiphaadhaan ol gala! Karaa gara badiisaatti geessu boochoodha, karri isaas bal'aadha. Karaa gara jireenyaatti geessu rakkoodha, karri isaas dhiphaadha, namoonni isa argatan muraasa.

Lallabdoonni tokko tokko garuu isa kana karaa dogoggoraan hikanii warra hin amaneetti lallabu. Karaa isa dhiphaan si'ool, isa bal'aan ammo ayyaana/ jireenya jedhanii lallabu. Gooftaan garuu gaara guubbaatti bartoota barsiise. Ayyaanni dhuguma hundumaa haammata, Yesuus hundumaaf fannoo irratti du'e. Namni isatti hin amanne garuu ayyaanicha hin argatu.

Adda ba'uu/Ergamuu Saba Israa'el

Keessa deebii 14:2 Waaqayyo karaa Musee saba Isra'elitti dubbate, isin saba Waaqayyoo gooftaa

keessaniif qulqullooftaniidha; Waaqayyo saba dhuunfaa isaa akka taataniif,, saba lafa irra jiraatan hundumaa keessaa addumaan isin fo'ateera. Kana qofaa miti yeroo garaa garaa Waaqayyo akka adda isaan baafate itti dubbateera. Lewoota 20:24-26, isaaniin garuu biyya aannanii fi damma baasu akka qabattaniif isiniif nan kenna biyya isaanii dhaalaa jedheera. ..... ani Waaqayyo qulqulluu waaanan ta'eef, isin kankoo ququlluu akka taatanitti saba warra kaanittii addaan waanan isin baaseef, isinis immoo qulqulloota ta'aa!

"Qulqullaa'uu" jechuun adda ba'uu jechuudha. Kunis akkamittiree? Warra kaan irraa ykn warra baay'ee irraaa adda ba'uudha. Jechi addaa asitti arginu tokko; saba dhuunfaa koo, addummaa isaanii argisiisa. Namni garee baay'ee irraa yoo of qooda, adda ba'ee kan dhuunfaa Waaqayyoo ta'a. Kutaa kana keessaa kan biroon, saba lafa irra jiran keessaa, Israa'eliin addatti fo'achuu isaati. Kunis Waaqayyo ergi Addaam kufeeti haftee amalaa fi fakkaattii isaa mul'isu kaasuuf barbaadaa ture. Abboommii kanas ergi bara Addaamii hin kennine. Biyyi lafaa dheekkamsa jala waan jirtuuf, warra kansaa ta'aniin amala isaa biyya lafaatti beeksisa.

Utuu amala isaa kana ittin argisiisin hin dheekkamu ykn hin balleessu. Ifaa fi sogidda ta'uu isaa karaa warra kansaa mul'ifata.

Daangaa/Daarii Israa'el

Waaqayyo Museedhaan Keessa deebii 11:24, iddoo faanni miila kee irra ejjetu hundinuu kan kee in

ta'a, daariin lafa keetiis lafa onaadhaa ka'ee hamma Libaanonitti, laga Efiraaxisii ka'ee hanga gala isa guddaa lix biifuutti.... Bal'inni kun Biriteen guddittii gadi. Isra'el kanaa ala qabachuuf mirga hin qabu. Amala Waaqayyoo saba warra kaanitti argisiisuu qabu, luboota ta'uun tajaajiluu qabu. Garuu macaafa qulqulluun akka ibsutti isaan faallaa jiraachuun, waqolii tolfamoo warra ormaa waaqessan. Akeeka waamamaniif irraa in kufan. Waaqayyotti orma ta'an.

Ergama Waldaa Kiristaanaa

Barumsa bara ammaa hedduun kan wal faallessu yoo ta'ellee, waldaan kiristaanaas ergama walfakkaataa kan saba Isra'el qabdi. Phexiroos ergaa isaa keessatti, waanuma Museen saba sanatti dubbate barreesse: Isin garuu qomoo fo'amoodha, luboota mana qulqullummaati, saba qullaa'adha, warra dhuunfaa Waaqayyoo ta'aniidha. Waaqayyo hojii isaa isa jajamaa akka labsitaniif duukkana keessaa gara ifa isaa isa dinqisiisaatti isin waame 1Phex 2:9

Waldaanis akkuma kanatti adda ba'uun qulqullaa'uu qabdi; barumsi gooftaa fi ergamootaas kanuma ture.

Yesuus ifa biyya lafaa ture. Biyyi lafaa garuu ificha hin hubanne, kanaafuu in fannisan. Akkuma kana akka ta'an bartootatti. yohaannis 15:20 Yesuus jaallatamuu utuu hin taane, ari'atamuun akka isaan eeggatu dubbate.

Ergaa guddichi kan nutti kenname; biyya lafaa hundumaa dirqamaan kan Kiristoos gochuu miti.

Warra isin hin dhageenye awwaara miila keessanii urgufadhaatii mana isaanii dhiisaa deemaa jedhe. Waaqayyo hammana fedha namaa kabaja. Kanaafuu biyyi nuti irra ejjennee fi namni nuti dhugaa baanuuf kan gooftaa ta'uu qabu jennee hin yaadnu. Waanti nuti goonu carraa wangeela dhageessisuu qofa. Fudhachuu fi diduun kan isaaniiti.

Sababi/Dhiifamni Hin jiru

Wangeelli Maarqoos ergaa guddicha akkaataa addaan ibseera: Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa! Uumama hundumaattis wangeela lallabaa! (Marqoos 16:15), waldaan wangeela uumama hundumaaf akka hin lallabneef sababa hin qabdu. Hundumaa dhageessisuu qabdi. Garuu siyaasa biyya lafaa keessa seenuu hin qabdu.

Lallaba Ibidda Gaannab

Kiristaanonni baay'een, namni yoo amanuu dide si'ooliin akka dhaqu sagalee misiraachoo godhanii lallabu. Kun garuu oduu gaarii miti. Wangeellis kana hin deggeru. Waa'ee ibidda Gaannab Yesuus, Fariisota warra fakkeessoo ilaalchisee bartoota isaatti dubbate. Cubbamootaaf dubbachuu isaa argee hin beeku. Ergoolii gaafa ilaallus si'ooliin lallabuu hin jajjabeessan. Waaqayyo namni fedhaan akka isatti amanu barbaada. Galaanni ibiddaa akka jiruu fi warri jal'oonni akka achi keessa buufaman nan amana. Garuu wangeelan

dubbataa jira, sagalee misiraachoo. Akka namoonni dubbatanitti, waldaan biyya lafaa kana irratti mootee jiraachuun; namoota gara gooftaatti fiduuf jedhu. Garuu gooftaan kana hin dubbanne, utuu inni deebi'ee hin dhufin kun matumaa hin ta'u. Waan faalla waan dubbate fakkaata yemmuu deebi bartoota isaaf deebise: Maatewoos 24: 4, homtinuu akka isin hin wallaalchifnetti ofeeggadhaa! Itti fufee ari'annaa fi gowwoomsaan deebi'ee dhufuu isaa dura akka jiru dubbate.

Phaawuloos 2 Tas 2:3 irrattti kanuma dubbate, ... namni tokko illee karaa kam illee isin hin wallaalchisin. Aratamuun akka jiru itti fufee dubbata.

Kaayyoo Dhugaa Waldaa Kiristaanaa

Phaawuloos Efesoon 4 irratti, akeeki Waaqayyoo jireenya keenyyaaf qabu maal akka ta'e ibseen xumura. lakk 11 irratti biiroolee shaman tajaajila waldaaf barbaachisan tarreessa. Ergamoota, raajota, lallabdoota, tiksoota fi barsiisota waldaa isaaf kenne. Tajaajiltootni kunneen maal sammuutti qabachuun tajaajiluu qabuu? Lakkoofsonni shaman itti aanan biirooleen kanneen maaliif akka barbaachisan nutti himu: inni warra Waaqayyoof qulqullaa'an, hojii isa itti ergaman sanaaf qopheessuudhaaf,dhaqna Kristoos sana cimsuudhaaf kana godhe.

Bu'aan tajaajila kanaas: tokkummaa amantii, ilma Waaqayyoo beekuuti guddachuun namoota ga'oo hamma taanutti. Kanaa ala kan jiru barumsa warra wallaalchistootaati.

Dhalachuu-Uumamaa

Xiyyeeffannoo guddaan ergi wangeela dhagaa'anii booddee ta'uu qaba jedheen yaada. Fooniin haata'u hafuuraan dhalachuun waanuma jiruudha. Garuu xumurameera jechuu miti, guddinni ganaa hafa. Kanaafuu, xiyyeeffannoon tajaajila kakuu haraa barsiisuun gara guutummaa Kiristoositti namoota fiduudha. Hafuuraan hata'u fooniin dhalachuun uumamaan walfakkaatu. Namoonni saal-faallaan lama yemmuu walbira ga'an ijoolleen ni dhalatu. Abbaa warraa fi haadha warraa akkamittiin waliin ciisuun akkatti ijoollee godhatan isaan barsiisuu hin barbaachisu. Tooftaa barachuun isaan hin barbaachisu. Seera uumamaa hordofuu qofaatu ga'aadha. Waldaan maaliif tooftaa wangeela lallabuu akka isheen baay'iftu naaf hin galu. Kun kan ta'uuf akkan yaadutti; hariiroo fi jaalala Kristoos dhabuu irraati. Isaan kana yoo qabanne hojiin hafuuraa dirqama ni hojjetama, barumsaa fi tooftaa addaa nun barbaachisu. Waanuma uumamaan ta'utu ta'a.

BOQONNAA 12

Adeemsa Waaqayyoo

Sibiila ligidaa'aa isa laphee koo qabu gubii naaf balleessi
Isa sirraa na fageesuu nu gidduu gubii balleessi jireenya
mooffa sana narraa gubi isa haaraa na uffachiisi Ya a i b i d
d a W a a q a y y o o n a q u l l e e s s i

h a m m a n K i r i s t o o s i i f c a l a q q i s u t t i
Joanna Barratt

Akeeki Waaqayyoo misirrittii mudaa hin qabne godhee Kristoosiif nu qulleessuu ergi ta'ee; kana ta'uu akkamiin dandeenyaa?

Muka Wayinichaa

Wangeela Yoh 15 irratti Yesuus, adeemsa ifaa fi bu'uuraa kirstaanni ittiin gara fakkaattii Waaqayyootti guddatu dubbateera. Namoonni dubbii Waaqayyoo fi

adeemsa kana hin hubanne, rakkoo isaaniif seexana komatu. Seexanaan waan lolaa jiran itti fakkaatee Waaqayyo irrattis in guungumu. Adeemsa ittiin hojjetamnu kana keessatti ilaalchi nuti Waaqayyo irratti qabaannu murteessaadha. Lakk 1 irratti, Muki wayinichaa ana, isa kan dhaabe abbaa kooti jedhe.

Tuqaa lama asirraa arguu dandeenya. Jalqaba. Yesuus waa'ee warra isatti amananii dubbate. Inni lammafaan, kiristaanoti ija dhabuu akka dandaa'an, bu'aan isaa immoo fokkisaadha. Lakk 6, damoota akkasii walitti qabanii ibiddatti naqu. Yoo sirriitti dubbii kana ilaalle, murteen Waaqayyoo kun cimaadha. Akkas akka hin taaneef ofeeggachuu qabna.

Qeexxaa'amuu-Nama dhukkubsu

Adeemsi qeexxaa'amuu akka macaafa keessaa arginutti baay'ee suukanneessaa; ibiddaan, qorumsa garaa garaa. Waaqayyo kana hundumaa waa tokkoof akeekeeti- ija baay'ee akka godhannuuf. Muki irraa qeexxa'amaa akkuma guddatu, kiristaannis akkasitti amala Waaqayyoo caalaa qabaataa guddata. Muki guddaan ija hin qabne jira, muki xiqqoon ija danuu qabu ni jira. Yeroo ammaa kana adeemsa kana keessa darbuun guddachuun, akka akeeka Waaqayyootti fudhachuun hafeera. Kutaa macaafa qulquluu keessaa adeemsa kana kan nuuf mirkaneessu muraasa ilaaluu ni dandeenya. Adeemsa kana keessa darbuu qofaa utuu hin taane, yemmuu nurra ga'u akkamittiin akka simachuu qabnus macaafi qulqulluun nuttima.

Gammadanii fudhachuu

Yohaannis 15:11 irratti Yesuus kaayyoo qeexxa'uun barbaachiseef ibseera. Gammachuun koo koo isin keessatti akka argamuuf, gammachuun keessanis guutuu akka ta'uuf. Kanaafuu adeemsa kana keessa darbuu qabna. Qorumsa keessa darbuun, bu'aan caalu akka nu eeggatu macaafi nutti hima

Yaaqoobis ergaa isaa keessatti, "Qoramsa garaa garaatiin ilaalamuun yemmuu isinitti dhufu, gammachuu guutuutti lakkaa'aadha" xalayaan jajjabinaa akkasii waan addaati. Garuu achumatti dhaabbata miti. Itti fufuun akkas jedha, qoramtanii ilaalamuun fiixaan ba'umsa akka fidu beekaa! Sodaan wallaalummaa keessaa dhufu soda guddaadha. Waa beeknaan garuu sodaan hin jiru. Yoo nuti dhugaa kana beekne, seexanni waanta tokko illee nu gochuu hin danda'u. Dhugaa beekuun mo'icha! Yaaqoob ergaa isaatiin maal nu barsiisuu barbaadee? Amantii keenya qoramee ilaalamuun isaa obsaan danda'uu akka fidu. Namni obsa qabeessi nama guutuu fi waan hundumaa qabuudha. Namoonni baay'een obsa qabaachuu ni hawwu, garuu yeroo Waaqayyo adeemsa jalqabu seexanatu natti fide jedhu.

Gammaduu fi Kuruphisuu

Wangeela Luqaas 6:22-23, Yesuus bartoota isaatiin gammadaa kuruphisaa jedheen. Utuuma isaan hafuura qulqulluun guutamanii gammadaa jiranii maaliif wa'ee

gammaduu itti dubbatee? Yeroo namoonni isin jibbanii fi isin ari'atan gammadaa jechuu isaati. Kiristaana waan gaarii Waaqa biraa eegee, waan hamaa immoo seexanatu natti fide jedhuuf matumaa kun hin ta'uuf. Gooftaan amantii guutuu ergi qabaattani seexanni lammaffaa isin hin lolu utuu jedheeni kun gaafa isaan mudatu hin galuuf ture. Yesuus rajota abbota keessanii warra darban ilaalaa, gatiin keessan waaqa irratti guddaadha jedhe.

Eebba lafa kana irraa qofarra yaada keenya keewwannaan yeroo hundumaa rakkoo keessa jiraanna. Yesuus qabeenya keessan waaqa irratti walitti qabadhaa jedhe. Phaawuloos Qol 3 irratti, egaa Kiristoosii wajjin du'aa erga kaafamtanii, wanta waaqa keessaa, iddoo Kristoos gara mirga Waaqayyoo taa'ee jiruu barbaadaa. Yaada keessan wanta waaqa irra jirutti hidhaa.

Wanti Hundumtuu Gaarummaafi

Kutaa macaafa qulqulluu keessaa Roomaan 8:28 baay'ee beekamaadha. Phaawulos Waaqayyo warra kan isaa gargaaree karaa hundumaan gara gaariitti geessa jedha. Waanti hundumtuu gaariidha hin jedhu. Ari'atamuun gaarii miti. Dhukkubi, jibbamuun, qorumsi garaa garaa, kophaa ta'uun gaarii miti. Phaawuloos wantoota kana hundumaa irra dabarsinee ulfina nu eeggatan yaaduu akka qabnuu fi wantootni kanneenis fakkaattii ima isaaf akka qabaannuuf nu qopheessu. Xumura boqonnaa kanaas akkas jechuun goloba: Duunni, jireenyi, ergamootni waaqa irraa,

warri bantii waaqaa keessatti aboo qabu jedhamanii sodaataman, wanti amma jiru, wanti dhufuuf jirus hundinuu, wanti humna argisiisuu danda'us, jaalala Waaqayyoottti gargar akka nu hin baafne ani beeka.

Phaawuloos isa kanatu- akka warra lolee mo'ateettti nu lakkoofsisa jedha. Rakkinoota kana jalaa baqachuu miti; keessa darbuutu warra mo'an nugodha.

Abdii/Waadaa akka tasaa

Phaawuloos 2 Ximexiwoos 3: 10-11, jireenya isaan wal qabsiisee akkaataa Waaqayyo jireenya keenya ittiin qopheessu dubbata. Inni mo'icha isaa qorumsaa fi ari'atumuu kessa darbee hamma xumuraatti dhaabachuudhaan ibsata. Ari'atamuu, dhiphachuu, waan isa irra ga'e hundumaa mallattoo warra karaa Kiristoos nama Waaqayyoo ta'anii jirataniitti ilaala. Kana irraa salphaatti, ifaa fi duukkanni akka waliif hin galle, xuraa'ummaa fi qulqullummaan akka wal ari'atan hubanna.

Jijjiiramuu Ilaalcha Phexiroos

Pheexiros, yeroo Yesuus isa biraa qabametti, ari'annaa sodaatee isa ganeera. Kana gochuu isaatiin fannoon akka hin barbaachifne mirkaneesseera. Gama biroon immoo, mootummaan Israa'el akka deebi'uuf gooftaa gaafatu.

Ergaa isaa isa duraa keessatti garuu, ari'atamuu fi dhiphachuu ilaalchisee yaadi Pheexiroos jijjiirameera.

1 Phexiroos 4:12. Michoota koo wanti akka ibiddaa gubu isin qoruudhaaf yemmuu isin irra bu'u, waan takkaa ta'ee hin beekne wan isin irra bu'e fakkaatee isin hin dinqifachiisin. Qorumsi akka ibiddaa akka jiru itti dubbata, itti fufee ammo gaafa isin mudatu gammadaa jedhaan. Ilaalchisaa kunis bilchina keessa kan jijjiirameedha. Jireenyi kiristaana har'aas kana irraa adda miti. Bilchinni hafuuraa suuta dhufa. Pheexiroos fannoo waan sodaateef Kristoosiin ganeera- of ganuu ykn Kiristoosin ganuu. Kanaa ala filannoon hin jiru.

.

Kadhata addaa-Golobbii

Yaaqoob qorumsa isinitti dhufu hundumaa gammachuu guutuutti lakkaa'adhaa jechuun jalqaba. Phexiroos garuu, 1 Phex5:10 irratti Waaqayyo inni ayyaanni hundinuu biraa argam, inni karaa Kristoos gara ulfina isa bara baraatti isin waame, ofii isaatii iddootti isin in deebisa,isin in dhaaba, isin in jabeessa, hundee keessanis in cimsa. Dhiphinni yeroo kun kan kiristaanota hundumaa eeggatuudha, isa booddee ulfina macaafa keessatti caafametu nu eeggata. Ulfinni kunis; dhaabbachuu, hundeen keenya Kristoositti gadi fagaachuu fi cimuudha.

Fakkeenya Phaawuloos fudhachuu

Filiphisiyuus 3:17irratti, Phaawuloos akka koo ta'aa jedha. Lakk 7, amma garuu Kristoosiif jedhee

wanta bu'aa anaaf qabu hundumaa akka kosiitti lakkaa'eera.....

Kutaa macaafa qulqulluu keessaa kutaa kana kan deggeru hedduu tarreessuun ni dandaa'ama. Ilaalamuu fi qeexxaa'amuun guddina fayyaalessaaf bu'a qabeessa. Ija godhachuufis ni gargaara.

Warqee Oomishuu

Warqeen mi'oota hundumaa keessaa baay'ee mi'aadha. Warqeen garuu ergi qulleeffamee booddee tajajilaaf oola. Sadarkaa garaa garaa keessa ibiddaan qoramuun darbee qulleeffamas. Adeemsi Waaqayyo nu qulleessuuf raawwatu kanaan walfakkaata.

Of Mul'isuu/Of Saaxiluu

Waaqayyo hojii aangootiin jireenya keenya hin jijjiiru. Nuti ofii keenya of saaxiluun akka Waaqayyo nu gargaaruuf of kennuu qabna. Humni fi ho'insi nurratti bu'uun xuraa'ummaa keenya irraa yoo nu qulleesse malee dhokatee ta'uun homayyuu nun gargaaru. Rakkoo keenya saaxilamee bakkeetti ba'e, hundumtuu ni arga. Namatti hin tolu, garuu qulleeffamuutti jirra. Ibiddi ni qulleessa. Yeroo baay'ee dadhabbiin keenya yeroo bakkee ba'u, haalota komanna. Haalonni garuu mul'isuuf sababa ta'an malee, isaan miti kan nu keessatti uume. Namni kan of keessaa hin qabne wanti bakkeetti ba'u tokko illee hin jiru. Qorumsi fi dhiphinni wanta hin barbaachifne bakkeetti baasu, kun immoo nuuf gaariidha.

Ibiddaan Qoramuu

2 Qornxoos 5:10irratti Phaawuloos akkas jedha, namni adduma addaan dhaqna isaa kanatti utuu jiruu gaariis ta'e, hamaas ta'e, akkuma hojjetetti waan isaaf ta'u akka argatuuf, nuyi hundumti keenya barcuma firdii Kristoos duratti dhiyaachuuf jirra. 1 Qor 3:12, hojiin namaa adduma addaan ibiddaan mul'ifamee in beekama..... warri ga'oo fi waan guuttattan isinitti fakkaate, isa hafuurri qulqulluun waldaa isaatiin jedhu dhaga'aa!

Mul'ata 3:18, ani immoo akka sooromtuuf warqee qulqulluu ibiddaan ilaalame, qullaa taatee yeella'uun kee akka hin mul'annetti, uffata adii, arguu akka dandeessuttis qoricha ijatti naqattu ana irraa akka bitattu sin gorsa.

BOQONNAA 13

Amala Waaqayyoo

Guddachuu fi qullaa'uuf maal gochuu qabnaa? Maal faatu barbaachisaa? Kiristaanonni tokko tokko yemmuu guddatan warri kaan maaliif dhaabbatuu ykn gadi adeemuu? Qulqullummaan dhimma eegamu yookiis dhiifamuudha moo, macaafa keessatti akkamiin ibsamee? Dhimma qulqullummaa gadi fageenyaan ni ilaalla.

Bifa lameen-Saantimaa

Amala Waaqayyoo qabaachuu yoo barbaanne, amalli isaa maal akka ta'e akka sirritti hubanne of gaafachuu qabna. Kiristaanonni muraasni wantoota dhugaa ta'an kana akka beekan muuxannoo koo irraa argeera: Dhugaan jecha qeenxee tokko iraa hin argamu. Garuu akkaata falasama warra lixaatti, dhugaan yaada tokko irraa ni argama. Fakkeenyaaf, bishaan kun ho'aadha. Akka falaasama warra dhiyaatti,

bishaan kun cabbaa'aa miti. Filannoo lama qofa- ho'aa ykn cabbaa'aa, lamaan isaa dhugaa ta'uu hin danda'u. Tokko dhugaa taanaan, kan biroon soba jechuudha.

Garuu bishaanichi buwaa'aa yoo ta'ewoo? Giddu gidduu jechuudha. Amma immoo filannoo abbichaa ta'a. namni baay'een 70% gubaa jechuu danda'a. Gara harka caalaatti goruun filannoo namoota hedduu ta'a. Beekumsi namoota dhiyaa yeroo ammaa kanaan wal fakkaata. Beekumsa ykn falaasama isaanii kanaan Waaqayyoon beekuu barbaadu.

Hariiroodhaan ta'uun hafee saayinsii fi loojikiin Waaqayyoon beekuu ykn ibsuu barbaadu. Hariiroon qabatamaa arguutti hin amanu. Muuxannoo qofaa gaafata.

Yaada/Sammuu Warra Lixaa

Rakkoon warra lixaa, macaafi qulqulluun beekumsa isaaniitiin alatti barreeffamuudha. Macaafni qulqulluun Qaroomina biyyaa kamiinuu hin barreeffamne. Namoonni hafuura Waaqayyootiin geggeeffamanii macaafa qulqulluu akka barreessan wangeelli ibsee dubbata. Kanaafuu, macaafi qulqulluu yaadaa ykn beekumsa Waaqayyooti. Macaafa qulqulluu hubachuuf Afaan Ibiraayisxii ykn Grikii tiin isa barreeffame qayyabachuuf yeroo keenya fixuu nun barbaachisu, namicha macaafa qulqulluu barreesse Hafuura qulqulluu beekuu qabna. Kanaafuu macaafa qulqulluu beekumsaan utuu hin taane mul'ataan hubachuu dandeenya.

Wal faallessuu Mul'ataa

Dhugaan kallattii lama qofaa qabaachuu osoo hin taane, faallessuu qabatamaas qaba. Waanti Mul'ataa, wanti jedhamee roga lama waan qabuuf akkasumatti waliin jiraata. Yoon saantimii sitti argisiise, ati roga tokko qofaa argita. An immoo roga isa biroon arga.Namoonni hedduun dhugaa dhaabbataan jiraachuu isaa yemmu morman, yaadicha yaada ibsuu yemmuu dhaga'an kun yaada waliin dha'amaadha jedhu. Fakkeenyi ani fudhee ibsuu fi yaadi koo garuu Dhugaan akka jiruu fi yoom illee kan hin jijjiiramne ta'uu isaa mul'isa. Garuu dhugaa sirriitti hubachuuf, akkamu fuula saantimaa sana fuula lameenuu ilaaluu danda'uun qaba. Yoo waan argaa jirru wal gaafanne nu lamaan waan sirrii deebifna, yooma illee faallaa ta'eyyuu. Dhugaa hubachuuf santima sana(dhugaa) jijjiiruu osoo hin taane, bakka dhaabbannaa keenyaa jijjiiruudha furmaati.

Waaqayyo maal dubbataa?

Waaqayyo waa'ee ofii isaa haa dubbatu! Waaqayyo yemmuu of ibsu waan waliin faallaa fakkatu gargaaramee dubbata. Ba'uu 20:5 irratti: Ani Waaqayyo gooftaan kee waaqa hinaafaadha..... dheekkamsi isaa sosdaachisaadah.

Garuu lakk 6 irratti, dhaloota warra na jajaallatanii abboommii koo eeganitti,... garuu kumaatama isaaniitti gaarummaa koo nan argisiisa. Araara

qabeessaa fi gara laafessa ta'uu isaa argina. Amala Waaqayyoo isa kamtu sirriidhaa?

Ulfina Waaqayyoo

Museen yemmuu Waaqayyoon arguuf isa gaaafatetti, Waaqayyo hoqa kattaa keesso of dhossee surraa isaaqofan itti mul'ate. Waa'ee ofii isaa Waaqayyo maal jedhee? Abboommii kurnan keessatti waanuma dubbate sana dubbate– amala isaa roga lamaan dubbate. Ba'uu 34:6-7 – Gooftich achumaan Musee dura darbee sagalee isaa dhageessisee,.... Waaqayyo araara qabeessa, oo'a qabeessaa fi jaalala ta'uu isaa argina; garuu itti fufee amala isaa isa biroo ilaalla..... haata'u iyyuu malee isa yakkaa utuun hin adabin hin dhiisu, yakka abbootaa immoo hamma dhaloota sadiitti, hamma afuriittis harka ijoollee ijoollee isaanii keessa barbaadee nan adaba.

Isa kamtu amala isaa isa sirriidhaa? Barumsi tokko tokko, isa tokko qofaa jedhu. Garuu lameenuun sirriidha.

Peendulemii/Rarraatuu

Dhugaa kana yaadachuu hubachuu qabna: dhugaan yaada qeenxee irraa hin argamu. Balaa hamaan yemmuu gar tokkee amala Waaqayyoo lallabnuudha. Amalli Waaqayyoo lamaanuu dhugaadha, birmaduu nu baasas. Mana murtiitti yemmuu kakatan; "wantin dubbadhe hundinuu dhugaa ta'uu isaa maqaa

Waaqayyootiin nan kakadha." Maaliif hundinuu dhugaa ta'uu isaa jedhuu? Seerumti biyya lafaa illee kana hubateera.

Gar tokkeen ykn qeenxeen dhugaa ta'uu hin danda'u. Walii galaan waltumsuu qaba dhugaa kan ta'u. Tajaajiltootni wangeelaa Waaqayyo jaalalaa fi araara qabeessa akkuma ta'e, akka dheekkamu, adabus barsiisuu qabu.

BOQONNAA 14

Amaloota Lameen

Yohannis ergaa isaa keessatti 1 Yoh 1:8, cubbuu hin qabnu yoo jenne ofin sossobna; dhugaanis nu keessa hin jiru. Kun kallattiin kiristaanota ilaallata. Warra amananii waldaa keessa jiraniif caafame. Hojii fannoo irratti Yesuus nuuf hojjeteen gatiin cubbuu keenyaa kaffalameera, Waaqayyottis araaramneerra. Garuu hamma foon keenya kana keessa jiraanutti dogoggoruu ykn cubbuu dalaguu hin dhiifnu.

Kiristaanni cubbuu ni hojjeta

Yaada Waaqayyoo kamiinuu guutuu dadhabuun-cubbuudha. Kanaafuu, cubbuun guutuu ta'uu dadhabuudha. Aaruun, dheekkamuun,.... Guyyaatti utuu cubbuu hin hojjetin hin oollu. Phaawuloos, firdiin warra Kiristoositti amanan irra akka hin jirre

ni dubbata, sababiin isaa Yesuus aarsaa cubbuu nuuf ta'eera.

Yohaannis, amanamaa fi qajeelaa jedha malee, araara qabeessaa fi ayyaana qabeessa hin jedhu. Kanaafuu amantootaaf caafame. Ergi fayyineetii amanamummaa fi qajeelummaan isaanuuf maaliif barbaachisaree? Yohaannis akka ibsutti, nuti yoo cubbuu keenya himanne, Waaqayyo amma illee qajeelaa fi amanamaadha nuuf dhiisa jechuu isaati. Firdiin nu eeggatu hin jiru, garuu qalbii jijjiirrachuu qabna.

Ragaa Dabalataa

Macaafa ergaa Yohaannis caafe qofaatu na amansiise osoo hin taane, ergaa Phaawuloos gara warra Roomaa fi Galaatiyaatti caafe yoo ilaalle yaadota ergaa Yohaannis waliin tokko ta'an argina. Garuu ani amma ammaatti cubbuu hojjechuu koo Phaawuloos yookaan kutaa macaafa qulqulluu kan biroo keessaa natti himuun hin barbaachisu. Keessi koo fi deddeebiin jireenya koo isa kana na hubachiisuu danda'u. Qajeelummaa utuun beela'uu fi dheebodhuu, isa kana gochuuf bara heedduu utuun dharra'uu akkuma Phaawuloos Roomaa 7:19, "waan gaarii isa ani jaalladhu in godhu, waan hamaa isa ani hin jaallanne garuu nan hojjedha" jedhe, anis amma illee lolaa fi wal'aansoo cubbuu akkasii kana keessan jira. Haata'u malee, ani firdii sababii cubbuutiif natti dhufu jalaa karaa Kiristoos bilisa ba'eera.

Kiristaanni cubbuu hin Hojjetu

1 Yoh 3:6 irratti ammo akkas jedha, Egaa namni isatti qabamee jiraatu hundinuu cubbuu hin hojjetu; namni cubbuu hojjetu garuu isa hin argine, isas hin beekne. Akkasumas 9 irratti, Namni mucaa Waaqayyoo ta'e hundinuu, sanyii Waaqayyoo waan ta'eef cubbuutti qabamee hin jiraatu..... amma asirraa yemmuu ilaallu, kiristaanni cubbuu hin hojjetu.

Walitti Hin araaraman

Deebiin ergaa Yohaannis olitti ilaallee salphaadha. Lameen isaaniiyyuu dhugaadha. Garuu amala garaa garaa lamaan ilaallatu. Kiristaanni nama eenyummaa lama qabuudha. Amala Addaam isa moofaa fi amala Kristoos isa haaraa of keessaa qabna.

Muka Beekumsaa

Mukti Waaqayyo akka irraa hin nyaanneef jennata keessa dhaabe; muka waan gaarii fi hamaa ittiin beekaniidha. Hamaa fi gaarii beekuun kufaatii booddeedha. Isa dura Addaam guutuu ture, waan hamaa hin beeku.

Abboomamuu

Abboomamuu fi abboomamuu diduun beekumsa qabaachuu yookaan waan garii fi gadhee adda

baasanii beekuu waliin tokko akka hin taane yeroo baay'ee hubatamaa miti. Addaamitti isa abboomame akka eeguu qofaatu itti himame malee kun gaariidha yookiin kun gaarii mitiin itti hin himamne; kanaafuu kana raawwadhu ittiin hin jedhamne. Addaam gaarii fi gadheen maal akka ta'e kufaatiin dura hin beeku ture. Wanti inni beeku abboommii Waaqayyoo qofaa dhaga'ee eeguu ture. Abboomamuun beekumsa qabaachuu yookaan gaarii fi gadhee adda baasanii beekuu danda'uu waliin tokko miti. Kiristaanummaa dhugaanis waan garii fi gadhee adda baasanii beekuu yookaan beekumsa qabaachuu miti. Addaam muka jireenyaa irraa akka nyaatee jiraatutu abboomame. Garuu muka beekumsa-waan gaarii fi gadhee irraa yemmuu nyaate Waaqayyo irraa gargar ba'e. Akkuma kana beekumsi waan gaarii fi gadhee kiristaanotaaf baay'ee balaadha. Sababiin isaa namoonni kan isaan gaariidha yookaan gadheedha jedhanii fudhatan, Waaqayyoon duratti garuu faallaa ta'uu danda'a.

Wal horuu

Wanta ifaa macaafni qulqulluun barsiisu keessaa tokko, wanti Waaqayyo uume sanyii ofii isaa horuu isaati. Sareen saree dhalti, muki wayinii wayinii hora, abbaa fihaati cubbamoota warra Yesuusiin hin qabne yoo ta'an; ijoolleen isaan horanis cubbamoota. Asi irratti garuu cubbamoota ta'uun namootaa sababii Addaam irraa kan ka'e ta'uu dagachuu hin qabnu. Kanaafuu nama kan ta'e hundinuu cubbamaadha.

(Cuubbuu namni filannoo ofii isaan raawwatu garuu jira, inni kun garuu addatti ilaalama.)

Cubbuun nama waliin dhalata

Daa'imni tokko ofittummaa yookaan hammeenya qabaachuu, barachuu yookaan nama biroo irraa arguu akka isa hin barbaachifne maatiin ijoollee dhugaa ni ba'u. Wantoota kana hundumaa waliin dhalatu. Wanti nuti gochuu qabnu ijoolleen keenya abboomamoo akka ta'an barsiisuu fi gorsuun guddisuudha. Akka mucaatti abboomamuu diduu keenyaaf yemmuu adabamnu, amala Addaam sana seera eeguu yookaan cabsuun adabamuu keenyaan eeguu baranna jechuudha.

Hinaaffaa

Hinaaffaa akka fakkeenyaatti gargaaramuun barbaada. Hinaafuu jechuun waan kan ofii hin taane yookaan kan nama biroo kajeeluudha. Kunis uumamaan waan namaa wajjin dhalatuudha. Namoonni hedduun utuu seerri hin jiru yookaan yeelloo hin qabu ta'ee waan namaa in hatu. Hawwa nama hundumaatu keessa isaati qaba. Wantin dubbataa jiru kun namatti faraduu yoo fakkaate macaafa qulqulluu keessaa ilaaluun ni dandaa'ama. Galaatiyaa 5:19-21, Hojiin foonii mul'ataadha. Isaanis halalummaa, xuraa'ummaa, jireenya gadhiisii, waaqayyoolii tolfaman waaqessuu, qoricha namatti gochuu, diinummaa, qoccolloo, hinaaffaa, dheekkamsa.....

jireenya moofaa waliin jirra taanaan wantoota Phaawuloos tarreesse kana hundumaa jiraataa jirra jechuudha.

Keessa garaa keenyaatti

Hojichi kan dalagamu keessa yaada keenyaatti garuu iji isaa alaan mul'ata. Namoonni deddeebii isaanii isa alaan mul'atu to'achuu ni danda'u, garuu Waaqayyo keessoo garaa isaanii ilaalee farada. Kiristaanoti fedhakeessoo isaanii isa hamaa kana to'achuu yaalu; haata'u malee ittuu hammeessa malee jijjiiramni hin jiru. Ofiin of jijjiiruun gonkumaa hin dandaa'amu. Gocha keenya hamma tokko to'achuu dandeenya garuu, maddi isaa keessa yaada keenyaa waan ta'eef akkasumaan ta'a malee bu'aa hin qabu. Macaafi qulqulluun furmaata isaa eenyummaa ofiittii du'uudha jedha. Isa kanatu keessoo keenya moonee jiraachuuf nu gargaara.

Namummaa Haaraa

Wal'aansoo jireenya moofaa waggoota digdamootaaf ergin dabarse booddee, Waaqayyo namummaa haaraa nuuf uuma malee isa moofaa akka nuuf hin haaressinen hubadhe. Namummaa haaraa kanaan wangeelli lammaffaa dhalachuu jedha. Fooniin namni dhalate namummaa moofaa isa kan Addaam akkuma dhaalu, lammaffaa hafuuraan yemmuu dhalatu immoo namummaa haraa isa kan Kristoos dhaala.

BOQONNAA 15

Hundumaa Yaada Tokkoon

> Egaa s'achi akka warra saba Waaqayyoo hin ta'initti yaada waa'ee hin baafne duukaa buutanii akka hin jiraanne maqaa gooftaatiin cimsee isinan gorsa. Isaan sammuun isaanii duukkaneeffameera; sababii Waaqayyoon beekuu hin barbaanneef, sababii mata jabina isaaniitiif jireenya isa Waaqayyo kennu keessaa gadi baafamaniiru. Isaan of qabuu dadhabanii jireenya gadhiisiitti of kennaniiru….
>
> Efesoon 4:17-23

Kiristaanni jabaatee fedhaa fi hawwii foon isaa hin eeggatu taanaan maaltu isaaf barbaachisaa? Eenyummaan keenya dhugaan hin jijjiiramu, Kiristoos nuuf fannifamuu isaatiin, isaa wajjin moonee ija hafuuraa godhachuuf waamamne amalee ija hojii

foonii godhachuuf miti. Iciitin kunis fedha keenya keessa utuu hin taane, yaada keenya keessa jira. jijjiiramni kan dhufus jijjiiramuu ilaalcha ykn yaada keenyaa irraati.

Kamtu fedha guddaa qabaa?

Roomaa 7:15-21 wal'aansoo nama keessaa dubbata. Wal'aansoon kunis namammaa keenya foonii fi hafuuraa gidduutti. Lakk 19, waan gaarii isa ani barbaadu ani hin godhu.... Namni utuu danda'ee of to'ata ta'ee, Phaawuloos fariisichi kanatti tokkoffaa ture. Phaawuloos 22 fi 23 irratti, Ani keessa namummaa kootiin seera Waaqayyootti nan gammada jedha.

Yaada keenya keessaa ka'a

Qajeelummaan ykn qulqullummaan yaada garaa keessaa akka ta'e hubachuun ulfaataadha; dhoksaadhas. Alaan taanan, yemmuu ala keenya eeggannu of tuuluu jalqaban, kun immoo kufaatiidha. Namoonni hedduun akka jedhanitti, yaadi keenya bakka lamatti qoodama. Sagalee Waaqayyoo keessaa, Ibiroota 4:12, kana hubachuuf nu gargaara. Dubbiin Waaqayyoo jiraataadha, humna hojjetu of keessaa qaba, billaa gara lamaan qarame caalaa qara qaba; inni lubbuu fi hafuura, buusaa fi dhuka , yaadaa fi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf in danda'a.

Lubbuu fi hafuura

Dubbiin Waaqayyoo waa sadii gargar baasa, kiristaanoti baay'een garuu hubachuuf ni rakkatu. 1ffaan, hafuuraa fi lubbuudha. Garaa garummaa hafuuraa fi lubbuu irratti falmii guddaatu jira. Kamtu hafuura ykn kamtu lubbuudha kan jedhu ture.

Buusaa fi dhuka

Inni 2ffaan, buusaa fi dhuka. Adda addummaa ajaa'ibaati! Dhuki lafee keessatti argama. Yemmuu waa gadi fageessinee qorannu, hamma lafeetti haa ilaallu jedhama. Dubbiin Waaqayyoo hamma kanatti waa gadi fageessee adda baasuun farada.

Yaadaa fi akeeka garaa

Dubbiin Waaqayyoo yaadaa fi akeeka garaa namaa adda baasuun murteessa. Kana jechuun wanti nutu yaaduun goonuu fi wanti akeeka garaa keenya keessaa adda jechuudha. Kun garaa garummaa murteessaadha.

Sammuu ykn Yaada-Garaa

Adda addummaa sammuu fi garaa irratti yaadota garaa garaatu jira. Garaa garteen kunis yeroo baay'ee akkaataa hubannoo fi beekumsa namootaa irratti hundaa'eeti. Namoonni garaa garaa beekumsa garaa

garaa qabu, akkasumas. Hiikoo ani kennu hubachuuf, maalirra dhaabadhee akkan hiike hordofuun barbaachisaadha. Akkan amanutti, sammuun kan alaan mul'atuudha. Ofiisaan yaaduu ykn waa gochuu hin danda;u.

Yaada ykn akeeka yaada garaa

Akeeka fi yaada garaa akka macaafa qulqulluu addaa baasuun ni dandaa'ama. Foon fi hafuurrri walitti hidhamuun hojjetu, akka nuuf galutti salphiseen ibsuu yaala. Ibsi bal'aan garuu ni barbaachisa. Macaafni "yaada/sammuu" yeroo jedhu, of beekuu fi kan ittiin yaadnuudha. Phaawuloos warra Filphisiyuusiin, waa'ee waanuma dhugaa ta'ee, waanuma qulqulluu ta'ee, waanuma galata qabu... akka yaadan gorsa. Kanaafuu waan yaaduu qabnu adda baasnee beekna jechuudha.

Garaa

Macaafni yemmuu waa'ee "garaa" dubbatu, gadi fagoo akeeka yaada garaa namaa dubbata. Iddoon kun dhoksaa gadi fagoo hamaa ykn gaariin kan keessaa burquudha. Eenyu illee hubachuu hin danda'u. Waan yaadnu hundumti keenya beekna, garuu maaliif akka yaadnu hin beeknu. Ermiyaas 17:9 — Garaan namaa waan hundumaa irra jal'aadha...?! Daawwit, Waaqayyo akka garaa isaa qoree ilaaluuf kadhate.

Ani Waanan Yaaduudha

Waanti nuti nyaannu qamaa keenyaan waan wal fudhatuuf, nuti waanuma soorannu sanadha. Akkuma kana, gama hafuuraan waanuma yaadnu taana. Kanin haasa'aa jiru, waan gaarii ofirratti dubbatanii isa ta'uu miti. Inni kun xibbaarsa! Barumsa sobaatis. Yaada ofiitiin ofi irratti dubbatanii, addunyaa haaraa uummachuun dubbii balaafamaadha. Garuu yaada garaa haareffachuun akka dandaa'amu beekuu qabna. Fakkeenya 23:7, namni waanuma garaa isaatti yaadu fakkaata...

Qulqullumma alaan argamu

Roomaa 12: 1 fi 2, kana ibsuuf baay'ee nu gargaara, yaadi garaa keenyaa qulqullummaan jiraachuu keenyaaf baay'ee murteessaadha. Lakk 1- namummaa keessan qulqullaa'aa fi aarsaa jiraataa godhaatii Waaqayyo duratti fudhatamaa godhaatii dhiyeessaa jedha. Namummaa keessan inni jedhu, jireenya keenya alaan mul'atuudha. Ala keenyaan qullaa'uun _ biyya lafaattii, hojii isaattii adda of baasuudha.

Mana

Phaawuloos namummaa keessan aarsaa jiraataa godhaa dhiyeessaa jedha malee, hafuura keessan hin jedhu. Sababiin isaa foon keenya mana hafuura keenyaa waan ta'eef. Akkamittiin jireenya keenya warra hin amaneetti akka mul'isnu dubbata.

Of Mul'suu qofaaf

Qulqullummaanalaasababalamaaf barbaachisaadha. Inni duraa, warri of agarsiisan kana waan eeggataniif. Kanaafuu, wantoota alaan mul'atan irraa ofeeguun ulfaataa hin ta'u. fkn: hanna, aarii, nama jibuu, rakkataa gargaaruu.... irraa of qabuu. Amalonni kun hundumtuu kiristaana irraa alaan mul'achuu qabu. Fariisonni bara gooftaa, kana hundumaa gochaa turan. Wantoota alaan mul'atan kana hundumaa yemmuu raawwannu; Waaqayyo biraa galata argannu hin qabnu. Ijoollee Waaqayyoo ergi taanee kanneen calaqqisiisuun eenyummaa keenya ta'eera.

Inni lammaffaan, namoonni biyya lafaa qulqullummaa alaa waan nurraa eeganiifi. Nama amane tokko irraa warri biyya lafaa jijjiiramuu isaa eegu. Waan hamaa kanaan dura hojjetaa ture dhiiseera moo hin dhiifne jedhanii hordofu. Jireenya caaluu fi adda ta'e kiristaanota irraa eegu.

Dhuga baatii – gadhee

Yeroo baay'ee kiristaanonni amala isaanii isa gadhee dhoksuuf, nuti ayyaanaan fayyine malee hojii keenyaan miti jedhu. Warri hin amanne garuu, akka wangeelaatti jiraachuu dhiisuu keenyaaf nu madaalu. Barsiisa Yesuus , eeguu waan dhiifneef kallattii biroon ofitti fidnee dubbachuu yaalla, garuu warri hin amanne immoo waan sana akka raawwannuuf nurraa eegu.

Qulqullumma ala keenyaa eeggachuun garuu, yaada keenya jabaannee eeggachuu irraa dhufa.

Kiristaana hundumaaf tokko

Kiristaana hundumaa kan mudatu, namni kamiyyuu gochaa isaa ilaalee gadda malee yaada isaa irratti kan xiyyeeffatu hin jiru. Jireenya guyya guyaa keessattis kun mul'ataa oola. Namoonni amantiitti dadhaboo ta'an, yaada isaaniin booji'amuun raawwii keessa galuun of ceepha'aa oolu. Garuu ofitti faraduu fi of ceepha'uun sirrii miti. Waaqayyo yaada garaa ilaalee farada. Utuu hin yaadin wanti raawwatamu tokko illee hin jiru. Wanta goonu hundumaaf maddi isaa yaada keenya; ergi yaadnee booddee fedha keenya raawwanna.

Ilaalcha Jijjiiruu

Haalota kee hin jijjiirtu yoo ta'e, ilaalcha kee jijjiiri. Ilaalcha jechuun akkamittiin akka waa ilaallu ykn yaadnee fudhanne jechuudha. Roomaa 12:2 Phaawuloos, yaada keenya akka haareffannu dubbata. " Fakkeenya jireenya bara isa darbuu kana duukaa hin bu'inaa! Jaalalli Waaqayyoo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaff, yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of diddiiraa! Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e, waan akeeka isaa fiixaan baasu hubachuudha. Fakkeenya biyya lafaa fudhachuun, biyya lafaan walfakkachuudha wanta biyya lafaatti yoo of gadhisne, hojii isaa keessa sienna jechuudha.

Garaa garummaan hin Jiru

Bara ammayyaa kana, kiristaanonni akkaataan jireenya isaanii: uffannaan, qabaan manaa, bakki bashannanaa,....kan warra biyya lafaa waliin tokkuma.

Yaada garaa Haareffachuu

Phaawuloos wanti yaada keenya seenu yaada keenya irratti akka dhiibbaa geggeessu nuttima. Yaada keenyaan haarefamuun, jijjiiramuun akka nurra jiru dubbata. Kanas irra deddeebiin gochuu qabna. Biyyi lafa beeksisa irra deddeebiin akka nama fudhachiisuuf gootu, nutis yeroo maraa of haaressaa deemuu qabna. Irra deddeebiin karaa tokkoon, sammuu miiccuu qofaa miti, of haaressuudha. Kun immoo keessa keenya gadi fageenyaan seenuun gochaa keenya irratti dhiibbaa geggeessa.

Dhoksaan asitti hubatamuu qabu; qajeelummaan keenya hojii keenya gaarii irraa dhufa jechuu miti, wanti hin barbaachifne hojjechuu dhiisuu irraa of qabuudha.

Adeemsa jalqabuu

Akkan amanutti, akkaataa yaaduu keenyaa jjjiirraan ga'aadha. Jireenya qullaa'aa jiraachuu eegalleerra jechuudha. Iji isaa immoo nurraa mul'achaa adeema. Roomaa 12 ilaalcha nuti qabaachuu qabnu nuuf tarreessa. Kanneen keessaa 30 kan ta'an tarreesseen ture. Fakkeenyaaf: akkamitti akka yaadnu, waan gochuu

hin dandeenye olitti akka yaaduun nurra hin jirre. Akka amantii nuuf kennameetti yaaduu akka qabnu.

Garraamummaa ykn gadi of deebisuu- isaan kun waan gochaan mul'ifnu caalaa ilaalcha ykn yaada keenyaan kan ta'uu qabaniidha..

Yaada Kristoos

Ergoota yoo dubbiftan yaada akkamii qabaachuu akka qabnu nu barsiisu. phaawuloos garuu yaada kristoos qabaadhaa jedha.

Filiphisiyuus 2:1 irratti Phaawuloos, gaaffii amananan kam deebisuu qabu gaafata. Karaa Kristoos wal gorsuun, jaalala isaatiin wal jajjabeessuun, karaa hafuura qulqulluu tokkummaa qabaachuun,gara laafinaan namaaf yaaduun nuuf kennameera. Wantoota kana hundumaa fudhanneerra jedheetu, Phaawuloos lakk 2 irratti itti fufuun; warra yaada garaa tokkoo ta'uudhaan, jaalala tokko qabaachuudhaan, yaada walitti dabaltanii tokkko ta'uudhaan, yaada tokkotti waliif galuudhaan gammachuu koo fiixaan anaaf baasaa.

Lakk 3 itti fufee yaada akkamii akka qabaannu dubbata. "gad of deebisuudhaan warra kaan ofirra caalchisaa lakkaa'aa malee, yaada ofittummaatiin yookiis of dhiibuudhaan waan tokko illee hin hojjetinaa

Akka Kristoositti Yaaduu

Yeroo baay'ee Waaqayyo akka haala keenya jiijjiiru kadhanna, garuu Waaqayyo ilaalcha keenya ykn yaada

garaa keenyaa dursa akka jijjiiramu barbaada. Sababiin isaa haalota sana kan jijjiiru, ilaalcha jijjiirame waan ta'eef. Nuti akka Kristoositti yoo yaaduu eegalle, biyya lafaa fakkaachuu yoodhiisne, jireenya qulqullummaa jiraachuu eegalla.

BOQONNAA 16

Sababaa fi Bu'aa

Qajeelummaan Waaqayyo namaaf kennu amantii irra in dhaabata gara amantiittis nama geessa. Kunis wangeela keessatti in mul'ata; akkuma caafamee jiru immoo, "Namni amantiidhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ta'ee jireenya dhugaa in jiraata." Dheekkamsi Waaqayyoo, Waaqayyo malee jiraachuu fi, jal'ina namootaa hundumaa irratti waaqa irraa in mul'ata, isanoo jal'ina isaaniitin dhugaa gad in ukkaamsu. Waa'ee Waaqayyootiif beekuun kan namaaf dandaa'amu isaaniifis hubatamaadha, kanas Waaqayyo ofii isaa isaanitti hubachiiseera. Bifni isaa ijaan hin argamne; garuu humni isaa inni bara baraa, waaqummaan isaas erga biyyi lafaa uumamee jalqabee waan uume irratti qalbifatamee yaaditti argamuu in

danda'a; kanaafis waan itti qabatan hin qaban.

Roomaa 1:17-20

Kutaa armaan olii keessatti, Phaawuloos dhekkamsi

warra jal'ootaaf akka jiru dubbata. Eenyu waan itti qabatu hin qabu, seerri Waaqayyoo uumama irraa jalqabee hojii irra oolaa jira. Waaqayyo bara kamiin iyyuu amala isaa utuu hin mul'isin dhiisee hin beeku. Nutits amala ofii keenyaa bakka bakka jiraannu hundumaatti calaqqisiisna. Saayinsii uumamaa waanti jedhu hin jiru. Saayinsiin waan jiruu fi mul'ataa qofa nuttima. Biyyi lafaa aangoo waaqummaa Waaqayyootiin uumamte. Seerri uumamaa hundumaa Waaqayyotu uume.

Seerri uumamaa seera Hafuuraati.

Qajeelfama kana Kristaanni beekuun maaliif barbaachisaa? Seerri uumaama seera sayinsii qofaa taanaan, amala Waaqayyoo uumama irratti arguu hin dandeenyu. Kun immoo jireenya keenyaaf wantoota dhiibbaa nutti fidu qaba. Barsisa nam-tolchee gara kan Waaqayyootti deebisuun yaaduu qabna. Mee seera "Bu'aa fi Sababaa" haa ilaallu. Sababi hin jiru taanaan bu'aanis hin jiru. Seerri hafuuraa jiraachuu isaa amanneerra taanaan, akkasanatti jiraachuun dirqama.

Bu'aa

Kiristaanni fedhiin isaa qulqulluu ta'uu qaba. Kun immoo bu'aa waanta nuti yaadnuutti. Sababi bu'aa irraa adda. Qajeelfamni isaa, bu'aa yoo barbaadde sababi jiraachuu qab. Bu'aan uumamaan sababa

irraa argama. Kanaafuu, wanti nuti goonu ofii keenya qulleessuudha.

Sababa

Kiristaanonni hedduun qulqulluu of gochuuf dhama'anii kufanii argamu.

Keessoon isaanii fi hojiin isaanii akka wal hin fakkaanne amanamummaadhaan dhugaa ofiif ba'u. Kun immoo gara abdii kutannaa fi kufaatii caalutti isaan geessa. Seera bu'aa fi sababaa waliin makanii rakkatu jechuudha. Mataa keetiin mataa kee jijjiiruu hin dandeessu. Kanaafuu, ofiin of qulleessuf dhama'uu hin qabnu. Yoo akkas goone, gara qajeelummaa dhuunfaa keenyaa argachuutti nu deebisa.

Kiristaana abdii kute

Kiristaanoti hojii isaaniitiin of qulleessuuf dhama'an abdii kutachuun qulqullummaatti jiraachuun hin dandaa'amu jedhu. Wantootni qulqullummaaf sababa ta'an salphaatti nuti raawwannu jiru. Gochuufis nutti hin ulfaatan.

Bu'aa guddaan qulqullummaa ofiin argannu utuu hin taane sababa qulqullummaan irraa argamu beekuu; uumamaan isa nuti sababoota gara sanatti nu geessan irratti xiyyeeffannuudha. Bu'aan isaas qulqulluu taaneerra, garuu akkamitti akka taane hin beeknu. Qulqullummaa dhugaan bu'aa utuu hin taane sababa qulqullummaan irraa argamu irratti xiyyeeffachuudha.

Faallaa kanaa yoota'e garuu qajeelummaa dhamaatii keenyaa argachuutti nu geessa.

Ulfina Waaqayyoo

2 Qoronxoos 3:18, yemmuu ilaallu seera bu'aa fi sababa qajeelummaa irraa argina. "Nuyi fuula keenya utuu hin aguuggatin ulfinni gooftichaa nurraa akka calaqqisu in goona; nuyis ulfinaa gara ulfinaatti darbuudhaan fakkaattii isaa akka taanuuf, akka goofticha isa hafuura sana biraa nuuf dhufeetti in diddiiramna"

Mee dursa jecha "ulfina" jedhu haa ilaallu. Mucummaa koo irraa ka'ee inuman dubbisa, yeroo dhibbaatama dubbiseera, jechi kun ammayyuu haaraa ta'ee na dinqa. Sababiin isaa waanan hin hubanneefi. Mul'achuu ulfina Waaqayyoottin hiikkadha. Kunis amala Waaqayyoo keessaa tokkodha. Ba'uu 33:18, Museen Waaqayyoon ulfina keen areguu barbaade jedheen. Waaqayyo garuu of dhossee ulfina/surraa isaatiin isatti mul'at. Ba'uu 34:6-7 irraa kana argina. Kakuu haaraa keessaa, Yohaannis 17 irraa Yesuus, yemmuu gara abbaa isaatti kadhate akkas jedhe;

Ani lafa irratti ulfina siif kenneera, hojii akkan hojjedhuuf ati anaaf laattes raawwadheera. Ammas yaa abbaa ulfina isa biyyi lafaa utuu hin uumamin ani sibiratti qaba tureen, ofii kee ulfina anaaf kenni. Ulfina isa jedhu kana, amalaan yoo bakka buufne waan Phaawuloos dubbatu caalaatti hubanna. Hundumti

keenya amala kana calaqqisiisaa gara amala caaluutti darbina. Kun salphaadhaa? Eenyee gara Waaqayyoo ilaaluun!

Suuta suutaan

Lammaffaa irratti wanti nuti ilaallu, adeemsa Phaawuloos ulfinaa gara ulfinaatti dubbateedha. Amala gara amala/eenyummaatti. Kana jechuun qulqullummaan battala tokkoon hin raawwatamu. Suuta suutaan ayyaanatti guddataa adeemna. Gochaan kan raawwaannu dafee argamuu danda'a, adeemsaan kan ta'u garuu yeroo fudhata. Guddinni hafuuraa keenya suuta mul'ataa adeema. Guddina kana madaaluu yoo feene, bakka turre duuba deebinee ilaaluu qabna. Qulqullummaan qaama uumamaa keenya.

Ofilaallee/Daawwitii

Inni dhumaa fi sadaffaan, kan ani ibsuu fedhu daawwitiidha. Phaawuloos akkuma nama daawwitii keessaan of arguutti, gaaf tokko jijjiiramnee of argina jedha. Maaliif daawwitiitti gargaaramee? Maal fakkaannaa yemmuu daawwitii keessatti of ilaallu? Ofiima keenya ilaalla. Asirratti amala Kiristoositti daawwitii fakkeessinee, ofii keenya argina.

Wanti nurraa mul'atu kamiyyuu, wanta nuti of keessaa qabnuudha. Wanta nu keessa jiruun ala kan bakkeetti ba'ee mul'atu tokko illee hin jiru. Nuti

bu'aa naannoo keessa jiraannuuti. Wantooti naannoo keenyaa dhiibbaa nurraan ga'u.

Hubachuu fi arguu

Amma jireenya qulqullummaa keenyaa keessatti, seerri bu'aa fi sababaa akkamitti akka hojjetu hubachuu eegalleerra. Amala Waaqayyoo ilaaluun yemmuu sirriitti hubannu, amalli kun jireenya keenya irratti dhiibbaa uumuun nurraa mul'achuu jalqaba. Nurraa calaqqisuun isaa dirqama. Qulqullummaatti jiraachuun kan ulfaatu, yemmuu amala Waaqayyoo ilaaluu dhiisnee hojiin argachuuf dhamaanuudha. Kun wanta sirriitti hubatamuu qaban, namoota hedduuf hin galleedha. Namoonni jireenyi isaanii hin sirranne, namoota Waaqayyoon sirriitti hin hubanneedha jedhama.

Yesuus- Moodela keenya

Yesuus moodela qulqullummaa keenyaati. Wangeela Yohaannis 12:44-45, Yesuus sagalee isaa guddisee, "Namni anatti amanu, isa ana erge sanatti amana malee, anatti amana miti. Namni ana argus isa ana erge sana arga" Asirraa akka ilaallutti, Yesuus amala abbaa isaa akka calaqqisiisuudha. Malee kan ofii isaa akka hin taane argina. Namni anatti amanu isa na ergetti amana jedhe, akkasumas namni ana argu isa na erge arga jedhe.

Yoo saatii wantoota gara garaa irratti dabarsinuu fi sagalee Waaqayyoo qayyabachuu irratti dabarsinu

waliin madaalle, sagalee Waaqayyoof saatii muraasa hin taatu. Kanas namoonni hedduun sagalee Waaqayyoof yeroo akka hin qabaanne dhugaa ba'u. Qajeelfamni bu'aa fi sababaa jireenya keenya keessatti dhiibbaa keessaa fi alaa haala kanaan uumu.

Dhiibbaa

Miidiyaan gama hundumaan addunyaa kana irratti dhiibbaa garaa garaa geessisaa jira. Hololli siyaasaa garaa garaa sodaachisuuf humnaan ni adeemsifama. Dacheen irra jiraannu kun waggaa 70 tti kan bira geessu amma utuu hin jaallatin yeroo gabaabaatti argaa jirti. Waggaa 70 dura, saal quunnamtiin saal-tokkee baay'ee ciiggaa'amaa ture. Namoota waggaa 70 gadii yoo gaafatte garuu aadeffateera waan ta'eef dhimma hin qabu. Callisee dhimma kana fudhachuun, dhiibbaa suuta suuta dhufe irraati.

Wabii keenya

Amala Waaqayyoo beekuu yoo barbaanne macaafni qulqulluun wabii keenya. Barsiisi fi Ti'oolojiin garaa garaa macaafa qulqulluu bakka nuuf hin bu'an. Lallabni nuti baayyee jaallannu, Waaqayyoo wajjin yeroo nuti qabaannu caalaa nun gargaaran. Waaqayyo wajjin dhuunfa keenyaan wal arguun nuuf baay'ee murteessaadha. Gara Waaqayyoo fi amala isaa ilaalaa, barataa akkuma deemnu allii fi keessi keenya walfaana jijjiiramaa adeema. Kan nuti calaqqisiisaa adeemnus,

Kiristoosiin ta'a malee ofii keenya miti.

Amala Waaqayyoo keessaa bartuu tokko jijjiiruuf kan kenname tokko, barumsa gaara guubbaati. Maatewoos boqonnaa 5,6 fi 7. Akkan amanutti ergoonni hundi isaanis lallaba gaara guubbaa kana calaqqisiisu.

Barreeffama dhuunfaa

Barumsi kitaaba koo isa itti aanuu jijjiirama kiristaana dhugaa barsiisa Yesuus irratti hundaa'eedha. Qajeelfama bu'aa fi sababaa ilaalle kana keessaan jireenya koo jijjiireera. Qajeelfama kana akkuman yaadadhuun, sababa qulqullummaa kootii hubachuun, isan ofii koon argadhu dhiisee amala Waaqayyoo sirriitti calaqqisiisuuf macaafa qulqulluu nan dubbisa, nan kadhadh, nan soomas..... yeroo dhuunfaa Waaqayyoo wajjinis nan qabaadha.

Kana gochaa jijjiiramni ani ofirratti arges baay'ee nadhibe. Sababiinsaa ofii koon waanan argadhe miti. Sababicha hubachuun koo bu'aa nakeessatti fideera. Qulqullummaan koos akkasitti naaf argame. Wa'ee muuxannoo waggaa 20 yemmuun yaadus, battalatti utuu hin taane adeemsaan akka dhufen hubadha. Obsaan danda'uun as keessatti baay'ee murteessaadha. Kufaatiin kiristaanota hedduu adeemsa kana keessa obsaan darbuu dadhabuu akka ta'en amana. Namoota kitaaba kana dubbistan hundaa lallaba gaara guubbaa hamma jireenya keessan waliin walfudhatutti akka dubbistanin isin dirqisiisa. Ija kee

Yesuus irra kaa'adhu, wantootni lafarraa calaqqisan yemmuus sitti gurraacha'u.

Maawuriqee Baarat (Maurice Barratt)

Maawuriqee Baraat bara 1950 moota fi 60 moota keessa tajaajila hafuuraa pheenxeqosxaalummaa hordofaa abbaa isaa Biil Baraat jalatti guddate. Umurii isaa waggaa 6tti amanuun tajaajilaa fi jireenya hafuuraa keessatti guddate. Umurii isaa 30tti garuu tajaajila abbaa isaa kanaan baay'ee waan booji'ameef, Yesuusiin dhugaatti faana bu'uun maal akka ta'e lallaba gaara guubba irraa hubate. Yeroo sanaa eegaluun, jireenya kiristinnaa callisee taa'u irraa gara jijjiirama uumuutti seene. Rakkoon amantoota bara ammaa rakkoo humna Waaqayyoon ykn kennaa hafuuraan hojjechuu utuu hin taane- ija hafuuraa ykn amala Kristoos dhabuu akka ta'e hubate. Waggoota 20 moota darbaniif of kennuun duuka buutmmaa dhugaa barsiisaa ture. Mana sagadaa, mana barumsaa, mana hidhaa fi mana barumsaa macaafa qulqulluu biyya Awurooppaa fi USA keessatti barsiisaa ture. Barumsi isaa kunis 55 ol kaasetaan waraabamee jira. Teessoo armaan gadiin tajaajilaaf Mawuriqee argachuu dandeessu.

Waa'ee Tajaajila Baraat (About Barratt Ministries)

Tajaajilli kun 1985 magaalaa Manchister keessatti eegale. Qindeessitootni tajaajila kanaa Mawuriqee fi haadha warraa isaa Yo'aanaa Baaraat, tajaajiltoota addunyaalessaati. Yo'aanaan faarsituu albeema 9 qabduu fi lama ammo farsaa 119 fi lallaba gaara gubbaati.

Tajaajjilli Baaraatti miidiyaalee garaa garaatiin, barreeffamoota, kaasetaa fi viidiyoo, sagantaa Reediyootinis kan darbuudha. Torbee lama lamaan lallabaa fi barreeffa maawuriqee fi Yo'anaa garaa garaa maxxansa. Maxxansaalee garaa garaa kanas tola gaafattanii argachuu dandeessu.

Maxxansalee guutuu argachuuf teessoo armaan gadiin nu quunnamaa:

Barratt Ministries
Manchester M14 5QH England
info@barrattministries.org.uk